



Bara 30

Lakk. 18

Guraandhala 30 bara 2015

Gatiin qar. 10

Pirezidaantiin BMNO Obbo Shimallis Abdiisaa deggersa ummanni lammilee sababa hongeen rakkoof saaxilamaniif taasise galateeffatan

Kutaa qophiitiin

Pirezidaantiin Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa qaamolee lammilee sababa hongeen miidhamaniif deeggarsa taasisuun yeroo rakkoo keessatti hawaasa qaqqaban galateeffataniiru.

Naannoo Oromiyaatti hawaasni Oromoo akkaataa duudhaa fi aadaa qabuun karaa buusaa Gonofaa akka wal deeggaruu fi wal hirphuuf hojjechaa jiraachuu fi hanga ammaattis Buusaa Gonofaan miseensota miiliyoona 9 caalu horachuu eeran.

Buusaa Gonofaan karaa lamaan hojjeta kan jedhan pirezidaantiin MNO Obbo Shimallis Abdiisaa, inni jalqabaa hawaasa rakkateef qaqqabuufi jirenya hawaasaa fooyessuudha jedhan.

Buusaa Gonofaan lammilee hongeef saaxilaman hawaasa miiliyoona 4.3 deeggaraa, Barattootaa miiliyoona 5.2'f nyaata mana barnootaa keessatti dhiheessaa jiraachuu himuun, Abbootii

qabeenyaa dabalatee namni kamuu miseensa Buusaa Gonofaa ta'uun gaheesaa bahaachuu akka qabu dhaamaniiru.



“Intarpiraayizoonni bu'uura industirii gurguddaa boruuti”

Pirezidaantiin BMNO Obbo Shimallis Abdiisaa

Masarat Amanatiin

Biiroon Carraa Hojji Uumuufi Ogummaa Oromiyaa marsaa 13ffaaf intarpiraayizoota 1000 01 Dilbata darbe gara giddugaleessatti ceesise.

Sagantaa mata duree ce'insi



intarpiraayizootaa badhaadhina biyyaaf jedhuun Adaamaa Galma Abbaa Gadaatti qophaa'e kanarratti Pirezidaantiin Bulchinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa haasawaa taasisaniin intarpiraayizootni abdii bu'uura industirii gurguddaa boruu ta'u eeraniiru.

Biyya kana keessa yoo jabaannee hojenne carraan hojennee

guddachuufi badhaadhina biyyaa milkeessuu olaanaa ta'uun kan eeran Obbo Shimallis intarpiraayizoonni guyyaa kana gara guddattuu giddu galeessaatti ce'uuf sagantaa kanarratti argama dargaggoota hojji osoo hin tuffatin halkanii guyyaa dhama'anii hojetan, carraa mootummaan uumetti fayyadaman, akka hojji hojetanii jijiiramuun d a n d a , a m u q a b a t a m a a t i Gara fuula 14tti

Baankiin Siinkee hawaasa Booranaa hongeen miidhamaniif deggarsa qar. mil.115 taasise

Masarat Amanatiin

Hojjettootnifi miseensi maanaajimantii Baankii Siinkee hawaasa Booranaa sababa hongeen miidhamaniif deggarsa qarshii miliyoona 115 taasise

Pirezidaantiin baankichaa Obbo Niwaay Magarsaa Baankiin Siinkee waggoota 25f hawaasa keessaa Dhaabbata Maayikiroo Faayinsummaan kan tajaajilaat ureefi ji'oota 10 darbee kaasee gara baankiitti kan guddate yommuu ta'u hojjettoota 7000 kan qabu ta'u ubsanii, wayita hawaasni rakkoof saaxilamu qaqqabuuf kan kutannoo qabuudha jedhan.

Damee gara 500 tti siqu guutuu biyyatti kan banaa jiruufi Finfinnee qofa keessatti gara 60 kan qabu Baankiin Siinkee hawaasa Booranaa sababa hongeen miidhamaniif deggarsa qarshii miiliyoona 115 (115,000,000) Buusaa Gonofaa Oromyaaf kenneera.

Hogganaan Buusaa Obbo Gara fuula 14tti Gonofaa



Horsiifatanii bultoonni Gooro Doolaa rakkoof saaxilaamaa jiraachuu himan

W.K.Godinichaatiin

Hosiifatanii bultoonni Godina Gujji Aanaa Gooro Doolaa sababa dheerachuu hongeefi nageenyi dhibuutiin rakkoof saaxilaamaa jiraachuu himan.

Godinichatti sababa hongeefi rakkoo nageenyaatiin namoonni kuma dhibba shanii ol deggersa kan barbaadan ta'uun ibsameera.

Horsiisee bultoonni Aanaa Horsiisee Bulaa Gooro Doolaa roobni yeroosaa eeggatee roobuu

dhabuun hongee dheerateen beeladnis jalaa dhumanii, dacheenis gogdee bishaan dhugaatii dhabuun rakkoof saaxilamanii jiraachuu himan. Horsiisee bultoonni kun akka jedhanitti sababa rakkoo hongeefi nageenyaatiin qa'eefi qabeenyasaaniiraa buqqa'anii magaalaa Hara Qaloo qubsiifamuu himanii, bakka qubatanii jiran kanatti deggersi gahaan isaaniif taasifamuu dhabuun rakkosaanii daran kan hammeesse ta'u dubbataniiru.

D e g g e r s i Gara fuula 2tti



Qotee bulaa cimaa

Hundatuu qotaaree
Bona dhukkee kaasee
Ganna dhoobuun raaree
Aduus taanaan qorri
Sitti wal jijiiree
Jiraam goonni dhugaa
Misoomaf hiriiree
Qotiyoo camadee
Hundatu qotaaree
Qotee bulaa cimaan
Oomishee ol galchaa
Dachee tattaraaree
Callaa irraa galcha
Qonnaan bulaa cimaan
Misoomaaf bakkalchaa
Dacheesaa kunuunsee
Maatiisaaf dabarsa
Qotee bulaa cimaan
Yoomuu hin dagatuu
Waqtiilee eeggatee
Midhaan kan facaasu
Yeroo lamaaf sadii
Oomishee kan galchu
Hirkattummaa roobaa
Hambisuuf kan kaatu
Bishaan naannoo jiru
Akkamiin rakkutuu
Oomisha abdachiisaa
Dachaan kan argatu
Kana ta'uu baannaan
Hiyyummaan hin cabu
Muuxanno fudhannee
Qamadiis haa qonnu
Jallisiin oomishuu
Aadaa haa godhannu

Yirsawu Mazgabuu, Waajjira Kominikeeshiinii Aanaa Beddellee-Bunnoo Beddelleerraa

Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!

Sabdaneessummaafi obbolummaan bu'uura tokkummaafi injifannoo keenyaati

Jaalalaan jibbi mo'amee Itoophiyaa tokko taasisuun obbolummaa milttoo dhugaa godhachuun shiraafi waca finxaaleyyii dura dhaabachuun biyya hundaaf mijooftuu, hunda fakkaattuufi hunda hammattu ummuuf hojjetamaa jira. Akkuma jaalalli jibba mo'ee tokkummaafi waliin jirenya itichu jibbi ammoo obbolummaafi waliin jirenya sabootaa laaffisuun wal gaareffannaafi hammeenyi akka dagaagu taasisa.

Humnoonni finxaaleyyii garaagarummaa uumamaa silaa miidhaginata'u gara wal jibbinsaatti jijiiruun, ajandaawwan wal jibbinsaaf ka'umsa ta'an uumanii babal'isuun fedhii dhuunfaafi gareesaanii tarkaanfachiisuuf halkaniifi guyyaa hojjetanillee kaayyoon hameenyaasaanii kun yoomiyuu hin milkaa'u. Imali badhaadhinaa biyyattiin jalqabdes duubatti hin deebi'u. Qormaata hedduu dhalchanillee kaan irra aannee, kaanis gara carraatti jijiiruun injifannoo gonfachaa har'a

sadarkaa amma irra jirurra geenyeer jirra. Tokkummaafi obbolummaan, aadaan wal kabajuufi wal jaallachuun waliin jiraachuu saboonni, sablammoonni ummatooni biyyattii barootaaf gabbifatanis daba murnoota hammeenyaafi olaantummaa saba tokkoo leellisaniin kan gufatu miti. Murnoonni finxaaleyyii kun maqaa sabaa ykn amantaan tokkoo dahoo godhachuuf yaalanillee sabni ykn amantaan ykn waan bira ka'umsa godhataniin kan isaan bakka bu'an tokkollee hin jiru.

Biyyi keenya Itoophiyaan biyya qormaata uumamaafi namtolchee hedduu keessummeessuun osoo harka hin laatiin injifannoowwan gurguddaa galmeessaa har'a geesse waan taateef har'as qormaata kamiifyyu harka hin kennitu. Injifannoo caalu gonfattee diinotashee qaanessiti malee.

Daldaltonni maqaa sabaafi amantaan siyaasaa jibbinsaafi diigumsaa geggeessan warra fedhii aangoo garee tokkoo leellisan

tarsiimoo jibbinsaa saba tokkoratti maxxansuun aangoo dhuunfachuuf olola diiggaa garaagaraa facaasaa oolu. Hawaasni keenya murnoota kanarratti dammaqee tokkummaan injifannoosaa eeggachuu qaba. Furmaanni jibbinsaafi kaayyoo diigumsaa murnoota olaantummaa garee tokkoo qofa leellisani tokkummaafi ijaaramuudha.

Humnoonni kun ummata buqqaatiif saaxiluun ittiin daldalu. Kaayyoonsanii inni ijoon garuu tokkummaafi obbolummaa sabootaafi sablammootaa diiguun ummanni mootummaarratti akka ka'u taasisuun aangoo giddugaleessaa dhuunfachuudha. Kanas karoorsanii hojjechaa jiru.

Kanaafuu ummanni keenya dammaqee tokkummaasaa jabeeffachuun shira murnoota kanaa fashaleessuun obbolummaa sabdaneessummaa dhugaa cimsuun imala karoora badhaadhinaa biyyi keenya qabathee jirtu milkeessuuf hojjechuu qaba.

Firaafis Nagaasaa-Finfinnerra

Dhugaawwan waa'e ardii Afrikaa

- Ardiin Afrikaa bal'ina lafaafi baay'ina ummataatiin ardii Eeshiyaatti aanee ardii sadarkaa 2^{ffaa} irratti argamtudha
 - Baay'ina ummata addunyaa keessaa %18 kan ta'u ardii Afrikaa keessatti argama
 - Ardiin Afrikaa bal'ina lafaa km² 30,370,000 qabdi
 - Baay'inni ummataa ardii kanaa 1,393,676,444dha.
 - Ardii Afrikaa keessatti afaanota garaagaraa kuma 3 ta'antu dubbatama
 - Gammojjiin guddaan addunyaa, gammojji Antaarktikaafi gammojji kaaba Arkitikitti aanee ho'inasatiin gammojjiin sadarkaa 3^{ffaa} irratti argamu gammojji Sahaaraan ardii Afrikaa keessatti argama
 - Lagni dheerinasaatiin addunyaaar 1^{ffaa} ta'e lagni Abbayaardii Afrkaa, Itoophiyaa keessaa burqa
 - Albuudni Diiyaamandii addunyaa %95 ta'uufi albuudni Warqii addunyaa %50 ta'u Afrikaa keessatti argama
 - Chokoleetii hojjechuu kan tajaajilu
- biqiltuun Kaakaawoo biyyoota Afrikaa afur, Aayivoriikoosti, Gaanaa, Naajeeriyaafi Kaameruunirraa argama
- Ardiin Afrikaa kaabaan galaana Meditiraaniyyaa, Kaaba bahaatiin bo'oo Swiiziifi Galaana Diimaa, Kibba Bahaatiin Garba Hindiifi Dhiyaan Garba Atlaantikiitiin daangeeffamti
 - Bal'ina lafaatiin biyyoota Afrikaa keessaa Aljeeriyaan 1^{ffaa} yemmuu ta'u baay'ina ummataatiin ammoo Naayijeeriyaan 1^{ffaa}dha
 - Biyyoonni Afrikaa baldhinaan gara Heemesfeera kaaba Afrkaatti argamu
 - Ardiin kun yeroo jalqabaatiif hafteen lafee dhala namaa "Hoomoo Saappiyansi" kan keessatti argameefi qaroominni durii biyyoota kanneen akka Ijiptiifi Itoophiyaa keessatti jalqabamee keessaa isaan tokkodha
 - Ardiin Afrikaa bineensota bosonaa adda addaa qabu keessaa namoonni hedduun waggaatti bineensa Roobiidhaan miidhaan irra gaha
- Lammaa Wandimmuu Waajjira Kominikeeshiinii Aanaa Diinshoorraa Baalee Toora Intarneetiirraa jechuun kan nuuf erge**

Kallacha Oromiyaa

Bara 1986 hundeffame
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,
Biirro Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee
Addunyaa Hayiluu
Itti aanaa Gulaalaa Muummee
Masarat Amanaa

Leyi'aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

Opheessaa Beeksisa
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii : www.kallachaoromiya.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

Dubbii Ijoo

Jibbinsiifi seenessi moggeessaa finxaaleyyiin oofamu inumaa tokkummaa Oromoo ni cimsa!

Biyyi keenya daandii jijiiramaa sirna dimokiraasi dhugaa dagaagsu, walqixxummaa, fayyadummaa haqa qabeessaafi ofin ofbulchuu mirkaneessu, diinagdee cimaa ijaaruufi cabiinsa hawaasummaa ture suphuun sabdaneessummaafi obbolummaa jabeessu umuu dandeessisurratti argamti. Daandiin jijiiramaa kun jijiirama damee tokkoo waan hin taaneef yeroo tokkotti ykn waggaa tokkoof lama keessatti xumuramee kan keessa darbamu miti. Jijiirama hunda galeessa biyya jabduufi kabajamtuu lammii hundi keessatti kabajameefi ofitti amanee jiraatu uumuudha. Jijiiramni akkanaa ammoo walxaxaafi qormaata hedduu keessa kan darbuudha.

Keessumattuu dhimmi ofin ofbulchuufi saboota biroo waliin obbolummaafi tokkummaan waliin jiraachuun ijaarsaafi ilaalcha biyyolessaa jabeessu wiirtuu jijiiramicha isa guddadha. Qabsoon sabootaa, sablammootaafi uummatoota biyyattii yeroo dheeraaf turee bara 1960moota keessa gaaffi dinagdee, ofin of bulchuufi gaaffi dimokiraasi ta'uun as bahes dhugaa kana kan bu'uureffatedha.

Akkaataa sirnoonni darban gaaffilee kunneen ittiin deebisaa turan hanqina kan qabuufi gaaffi biraaf madda ta'uun walitti bu'insa marsaa biraaf biyya keenya kan saaxiledha.

Seena siyaasaa Itoophiyaa keessatti dhugaan hin haalamne sirnoonni duraan turan mirga ofin of bulchuu sabootaa ukkaamsuun tokkummaa biyyolessaa qofa irratti xiyyeffatanii hojjechaa kan turan yoo ta'u sirni ADWUI ammoo faallaa kanaan eenyummaa sabummaafi garaagarummaa qofarratti xiyyeffachuu tokkummaan biyyolessaa akka laaffatu, hariroon sabootaa akka diigamu taasisuun biyyattiin fixee diigumsarra akka geessu, walitti bu'insi akka babal'atu taasisee jira.

Jijiiramni biyya keenyatti waggoottan afur dura dhufe gaaffiwwan kanneen walitti araarsuun Itoophiyaa sirni dimokiraasi keessatti dagaage, walqixxummaan lammilee keessatti kabajameefi diinagdeen cimte ijaaruu galma kan taasifatedha.

Haata'u malee, akkuma qaamonni garaagarummaa qofa leellisaa turuun gaafa qabsoo ummataan aangoo giddu galeessaa gadi dhiisan waraana banuufi diinota Itoophiyaa dhaabbatoof ergamaa ta'uun birmadummaa Itoophiyaa balaarra buusan qaamonni olaantummaa murna tokkoo leellisan ammoo federaalizimii dhugaa mirga ofin ofbulchuufi waliin biyya bulchuu ykn tokkummaa biyyaafi mirga eenyummaa sabootaa mirkaneessu akkasumas obbolummaa sabdaneessummaa furmaata rakkoo siyaasaa biyya keenyaa ta'e dhugoomsu ukkaamsuun sirna aadaafi eenyummaa tokkee ijaaruuf foolatu.

Kaayyoo isaanii kana galmaan ga'achuufis jibbaafi seenessa moggeessaa oofuu sirna qabsoo uummataan ijaaramaa jiru diiguuf halkanii guyyaa hojjetu.

Keessumaa jibbiifi duulli uummata Oromoortti kallatti garaagaran adeemsifamu agarsiiftu guddaadh. Tooftaa qaamonni kun ittiin duula maqa balleessii gaggeessan keessaa muraasnii maqaa amantaafi sabaa, namoota rakkolee uumamaafi namtolcheen miidhamaniifi buqqa'an, ijaarsafi qubanna seeraan alaa fa'aadha.

Uummanni Oromoo saboota biroon akka jibbamuu gochuun tarsimoo qaamota kanaa isa biraati.

Waan ta'eefuu, uummanni Oromoo haala qabatamaa kana hubachuun ofisaa jiddutti tokkummaa, saboota biroo waliin obbolummaafi jaalala cimsachuun imala Itoophiyaa jabduu, kabajamtuu fi badhaatuu taate uumuuf eegale cimsee itti fufuu murteessaadha



Hojiin jallisiin qamadii misoomsuu jiruufi jirenya keenya ni fooyyessa jedhan qonnaan bultoonni

W.K.Aanaatiin

Hojiin misooma qamadii jallisiin misoomsaa jiran jiruufi jirenya keenya ni fooyyessa jennee abdanna jedhan qonnaan bultoonni Aanaa Beddellee himan.

Qonnaan bultoonni Aanaa Beddellee ijaaramuun qamadii jallisiin misoomsaa jiran lafa qaban misooma qamadiif oolchuusaaniin fayyadamaa tahuu himan. Waggoottan lamaan darban misooma qamadii hojjetaniin bu'aa gaarii argachuusaaniin bara kana bal'inaafi qulqullinaan misoomsaa jiraachuus himan. Qamadiin bara kana misoomsan sadarkaa abdachiisaarra jiraachuusaatiin callaa gaarii kan abdatan tahuufi kunis sochii hawaas-dinagdeesaanii akka isaaniif fooyyessu abdachuu himan.

Itti aanaan Bulchaa Aanaa Beddellee Obbo Asfaawu Koorsaa aanichatti bara kana qamadiin lafa hektara kuma 4fi dhibba 9fi 30 irratti misoomuu himuun kanarraas callaan kuntaalli kuma 200fi kuma 11 ol ni argama jedhamee abdatama

jedhan. Oomisha qamadii argamu kanarraas kuntaala kuma 8fi 300 ol gabaa alergiif dhiyaatas jedhaniiru.

Itti gaafatamaan Waajjira Qonnaa Aanichaa Obbo Indashaawu Admaasuu gamasaaniin aanichatti qonnaan bultoonni kuma 8fi 500 ol misooma qamadii kanarratti hirmaachuufi inisheetiivii misooma qamadii kanaan dargaggoota dhiibba 4 oliif carraan hojji uumamuu himan. Itti aanaan Bulchaa Godina Bunno Beddellee Obbo Girmaa Fiqaduu godinichatti oomishni qamadii bal'inaan beekamu baatus, inisheetiivii haaraa qamadii baheen waggoottan lamaan darban qamadii jallisiin misoomsuun bu'aan gaarii argamuusaatiin muuxannoong gaarii argame kana babal'isuun baayyinaafi qulqullinaan oomishuuf hojjetamaa jiraachuus dubbataniiru.

Bara kana lafti hektara kuma 37 tahu qamadii jallisiin marsaa jalqabaan misoomsamuu ibsuun oomisha marsaa lammaaffaatif qophiin taasifamaa jiraachuus eeraniiru.

Daldalli siyaasaa farra ol-aantummaa seeraafi heera mootummaa keenyaati!

Beeksisa

Arsii

Obbo Awwal Abdulqaadirif

B/jiratnitti

Oliyyattuu Aadde Faaxee Yaayyaafi deebii kennaa isin jidduu falmii waliigaltee jiruu ilaachisee falmii afaaaniitiif barbaadamu keessan beektanii beellama gaafa 07/07/2015 sa'aatti 4:30tti akka dhiyaatan, yoo dhiyaachuu baattan bakka isin hin jirretti kan ilaalamu ta'uu Manni Murtii ajajeera. M/M/OI/Go/Arsii.

Obbo Nuuraddiin Maammiyyoo mana jireenyaa magaalaa Bishaan Gurraachaa ganda 02 keessaa lafa kaareemeetira 140 irraa qaban lakk. kaartaasaa WLM/0086/14 ta'e Aadde Hawwaa Hamzaa Muhammadittii gurguratanii jijiirraan maqaa akka raawwannuuf waan nu gaafataniif, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee bultii 20 dura yoo hin dhiyaatiin jijiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta'uu ni beeksifna. W/ L/M/ Bishaan Gurraachaa

Obbo Abdii Adam mana jireenyaa magaalaa Bishaan Gurraachaa ganda 02 keessaa lafa kaareemeetira 140 irraa qaban lakk. kaartaasaa WLM/0367/14 ta'e karaa bakka bu'aasanii Obbo Muhammad Huseeniin Aadde Hawwaa Hamzaa Muhammadittii gurguratanii jijiirraan maqaa akka raawwannuuf waan nu gaafataniif, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee bultii 20 dura yoo hin dhiyaatiin jijiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta'uu ni beeksifna. W/ L/M/ Bishaan Gurraachaa.

Aadde Nigistii G/Kidaan kaartaan qabiyee lafa mana jireenyaa magaalaa Shaashamannee ganda o4 keessaa qaban lakk. isaa 3693, M² 350 irratti argamu sadarkaan iddo 2^{flaa} lakk. iddo 416 dheerinni Gamoo G+0 ta'e orjinaallisaa harkasaanii jiru waan jalaa gubateef kaartaan biraan bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne kaartaa biraan bakka buufnee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna. W/ L/M/ Shaashamannee

Aadde Taaddalach Asaffatiif

B/jirtanitti

Himatata Obbo Gammachuu Alamuufi himatamaa isin gidduu falmii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 5/7/2015 sa'aatti 5:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan, kan hin dhiyaanne yoo ta'e bakka isin hin jirretti murtiin kan kennamu ta'uu manni murtii ajajeera. M/M/A/Heexosaa

Obbo Anshaa Agoo Baraartii kaartaan mana jireenyaa magaalaa Shaashamannee ganda Awaashoo keessatti iddo M² 480 irratti argamu harkasaanii jiru lakk. isaa 5633 ta'e kan sadarkaa iddo 1^{flaa} kan dheerina Gamoo G+0 waan jalaa gubateef kaartaan biraan bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne kan biraan bakka buufnee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna. W/ L/M/ Shaashamannee

Obbo Hayiluu Alii kaartaan mana jireenyaa magaalaa Asalla ganda 10 keessaa qaban lakk. isaa 10000/24/91 ta'e waan na jalaa badeef kan biraan akka naaf kennamu jedhaniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addatiin qabadheera jedhu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun baherra kaasee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyee kan biraan kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. W/ L/M/ Asalla

Obbo Mahaammad Goobanaa kaartaan mana jireenyaa magaalaa Asalla ganda 14 keessaa qaban lakk. isaa 12226/48/97 ta'en galmaa'ee naaf kenname waan naj alaa badeef kan biraan akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate raga abbaa qabiyee kan biraan kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Asalla

Obbo Huseen Aliyyii Hasoo kaartaan mana jireenyaa magaalaa Dodolaa ganda Madda Waabee Ollaa 6^{flaa} keessatti M² 350 irratti argamu lakk. isaa Dhoo 70/0326/H-533/2001 ta'e maqaasaanii galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhaniiru. Kanaafuu namni ragaa kana argae ykn sababa adda addatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Dodolaa

Gujii

Obbo Fira'a'l Daargee mana jireenyaa magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaasaanii galmaa'ee argamu bali'ina M² 400 irratti argamu Obbo Dargee Tolosaatti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan naannessiuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Taammiruu Buzunaa mana jireenyaa magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaasaanii galmaa'ee argamu bali'ina M² 200 irratti argamu Obbo Hiqseeli Bariisotti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan naannessiuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Hayilesamaayaat Mulugeetaa mana jireenyaa magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaasaanii galmaa'ee lafa M² 200 irratti argamu Obbo Ballaxaa Boggaaleetti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan naannessiuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Abbabaa Guutaa mana jireenyaa magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaasaanii galmaa'ee lafa M² 274 irratti argamu Obbo Fiqaduu Bayyanaatti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan naannessiuuf ta'uu ni beeksifna. W/ L/Magaalaa Shaakkisoo

Aadde Taarikuwa Xilahuun mana jireenyaa magaalaa Shaakkisoo ganda Bantii Arbaa keessatti maqaasaanii galmaa'ee lafa M² 190.19 irratti argamu Obbo Isiraa'l Abbabaatti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan naannessiuuf ta'uu ni beeksifna. W/ L/M/ Shaakkisoo

Obbo Tasfaayee Bonayyaifi Aadde Imant Yahayis mana jirenyaaasani lakk. saayit Pilaaniisa 1103/BMN/01/01/01 ta'e lafa M² 200 irratti maqaasaanii galmaa'ee beekamu Obbo Fayisal Ahimad Muheetti gurguranneerra waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. Yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kan mirkanaa'uuf ta'uu ni beeksifna. W/ L/M/ Nageelée

Aadde Yelfiny Aggonafir kaartaan lafaa magaalaa Nageelée ganda 03 keessaa qabanii bal'innisa m² 200 ta'e kan lakk. 0386/01/01/01n galmaa'ee kennameef orjinaallisaa waan jalaa badeef haaraan bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. Yoo hin dhiyaanne ragaan biraan kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. W/ L/ Magaalaa Nageelée

Hayilamikaa'el Lantayidaru waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa lafa magaalaa Nageelée ganda 02 keessa m² 442 irratti argamu mirkaneessu lakk. 604/84n galmaa'ee kennameef orjinaallisaa waan jalaa badeef haaraan bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu. Yoo hin dhiyaanne ragaan biraan kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. W/ L/ Magaalaa Nageelée

Obbo Abbatunaa Goodanaa mana jireenyaa lakk. isaa Aw/GOD ta'e magaalaa Adoolaa Woyyu ganda Birbirsa Billuu keessatti lafa M² 345 irratti maqaasaanii galmaa'ee jiru lakk. kaartaasaa 6317/15 ta'e Obbo Abdii Maalimaa Horoof kennee waliigalteen akka ragga'uuf iyyanno dhiyefataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Yoo hin dhiyaatiin waliigaltee kan mirkaneessiuuf ta'uu ni beeksifna. W/ L/ M/ Adoolaa Woyyu

Meskerem Wogaayyehu mana daldala lakk. isaa Ad/ Go3-013 ta'e magaalaa Adoolaa Woyyu keessatti lafa m² 48 irratti argamu lakk. kaartaasaa 6529/15 ta'e Obbo Dabalee Gizawu Taliilaatti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga'uuf dhiyefataniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee kan mirkaneessiuuf ta'uu ni beeksifna. W/ L/ M/ Adoolaa Woyyu

Obbo Fira'a'l Malicha mana jirenya magaalaa Nageelée ganda 01 keessatti argamusayit pilaaniisa 0127/BMN/01/01/01 ta'e lafa kaareemeetira 420 irratti argamu Obbo Mikwaar Tusaa Umaritti gurgudheera jechuun jijiirraa maqaa gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu, kan hin dhiyaanne yoo ta'e jijiirraa maqaa kan raawwatamuuf ta'uu beeksifna. w/ b/ itti fayyadama lafaa m/ Nageelée

Obbo Isaaq Dheengeefi Aadde Qananii Abdii mana jirenya magala Nageelée ganda 01 keessatti argamu lakk. saayit pilaaniisa 2080/BMN/01/01/01 ta'e lafa kaareemeetira 276 irratti argamu Obbo Mahamadin Muusaatti gurgudheera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu, kan hin dhiyaanne yoo ta'e jijiirraa maqaa kan raawwatamuuf ta'uu beeksifna. WBILM Nageelée

Aadde Qabballe Guyyaifi Obbo Abdoo Bulee mana jirenya magala Nageelée ganda 01 keessatti lafa kaareemeetira 400 irratti argamu lakk. saayit pilaaniisa 1120/BMN/01/01/01 ta'e Obbo Mahammadiin Muusaatti gurgurreerra jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu, kan hin dhiyaanne yoo ta'e jijiirraa maqaa kan raawwatamuuf ta'uu beeksifna. WBILM Nageelée



Aadaa Buna Qalaa Oromoo Booranaa

Oromoone Booranaa sirna Gadaa Oromootif hambaadha. Sirni kun osoo hin daddaaqamiin dhiibbaawwan bifa hedduu qaban barootaaf irra ga'a turan dandamatee osoo hin badiin har'a akka ga'u warren taasisan keessaa Oromoone Booranaa sadarkaa jalqabaarratti kan xuqamudha. Booranni hawaasaadaan bulu, aadaasaa jaallatu, ilmoosaa akka aadaasaatti guddisudha. Kanaaf miidhaan hawaasa kanarra ga'u hundi calaqqee eenyummaa Oromoone hundaarrraa miidhaa ga'udha jechuudha. Sababa balaa uumamaatiinis ta'e namtolcheen dhiibaan irra ga'u hambaa aadaa Oromoone ittiin beekamu kallatiidhaan kan miidhudha.

Har'a sababa hongeetiin Booranni rakkoo guddaaft saaxilamee jira. Loowwansaa inni akka ijasaatti ilaalu lakkobsi guddaan jalaa dhumeera. Kan hafe dandamachiisuufi baraaruuf mootummaan xiyyeffannoo guddaa kennee hojjetaa jira. Qaaotiiin hawaasaa garaagaraafi dhaabbileenis akkasuma ummatichi balaa hongee kana akka dandamatuuftumsa godhaa jira. Rakkoon hongee mudate kun godinaalee Oromiyaa biro keessattilee rakkoo guddaa hordofsiisaa waan jiruuf furmaata yeroo gabaabaa fiduufis ta'e furmaata fulla'insa qabuuf tumsi ummataa ammallee cimee itti fufuun murteessaadha. Hongeen kun sirna jiruufi jirenyaasaa har'a qofa osoo hin taane dhaloota dhufuufillee faayidaa guddaa qabu inni akka jiraatu gochuun jiraachisuun baayyee barbaachisaadha.

Mata duree barreffama kanaa isa ta'e gara aadaa Buna qalaa Booranaatti haa deebinu. Booranni Waqa uumaasaa kadhachuuf barii barraaqa ka'ee buna qalataa. Aadaa Oromoone Booranaa keessatti gaaddisii dubbiit tokko eebaan jalqabama. Sirni eebbaa kun

kan taasifamu ammuu buna qalaadhaani. Buna Qalaan Boorana biratti kabaja guddaa qabaa. Akkasumas bunni aadaa akka akkaatiif qalama. Sirni buna qalaa kan gegoeffamu yeroo hundaa osoo hin taane yeroo itti qalamuu qaba. Innis yeroo jilaa, yeroo fuudhaa, yeroo Gadamojiji, yeroo imala deemamu, akkasumas yeroo koraa/walga'ii adda addaa, namoonni walhaban ittiin araarsuuf fakkeenyaaaf haati manaafi abbaan manaa yoo walhabde erga walitti araarsanii booda maanguddoone buna qalaan gulantaafi manasaanii eebbisu. Walumaagalatti Buna Qalaan mallattoo nagaafi kadhanna Waaqaati.

Buna qalaan wantoota gosa sadirraa walitti makamee qalama. Isaanis: Aannan, dhadhaafi bisaanidha. Erga qalamee xumuramee booda meeshaasaatti naqamuun sirni eebbaa raawwatama. Sirni eebbaa kun kan gegoeffamu jaarrotta ykn dargaggeessa fuudhee/bultii godhate qofaan gegoeffama. Sababnisas maanguddoone ykn jaarsi biyyaa Gadaa abbaa hedduu waan dabarseef aadaa eebbaafi ittiin bulmaata biyyaa ni beeka. Akkasumas dargaggeessi bultii godhates dhaloota lafaa dhufu waan ta'eef bakka maanguddoone yookaan jaarsi hin jirretti bakkasanii bu'uudhan sirna eebbaa kan taasisuuf dhalooti dhufee darbu aadaa walbarsiisun dhaloota dhalootatti aadaa wal dhaalchisuu baratee waan barsiisuf iddo maanguddoone hin jirretti kanaaf bakkasanii bu'e eebbisa

Waliigalatti buna qalaan Oromoone Booranaa biratti kabajaafi iddo guddaa qaba jechuudha.

Qoriin meeshaa bunni erga qalamee itti naqamee eebbifamudha. Maanguddoone yeroo eebbisu qoriin Buna harkaan qabatee eebbisa. Akkasis jechuun eebbisu.

Barii nagaa-nagee
Bariin nagaa -nagee
Bobbaa nagaya-nagee
Bobba'ee galee galchumi nagaya-nagee
Foora goseen nagaya- nagee
Gosa Booranaa sabbo gooni nagaya-nagee
Karloon nagaya -nagee

Karryyu baasoo dayyu nagaya-nagee
Tulaan saglan nagaya-nagee
Baddeen sadeen nagaya-nagee
Yaa'ii nagaya-nagee
Raabi nagaya-nagee
Yuubi nagaya-nagee
Gadaan nagaya-nagee
Gadamojijiin nagaya-nagee
Yaa'aballa Garbiin nagaya-nagee
Dirreef dirii Liiban nagaya-nagee
Tertalee Golboon nagaya-nagee
Warra nagaa tiksaa uleen nagaya-nagee
Elmaa gaadiin nagaya-nagee
Waaqi roobee har'a danbala guuta-nagee
Doloolloon naqattee okolee guuta
Waaqatti nagaa nu guuta
Horaa Bulaa Horaa nagayaan galaa
Hangafa Maandhaa bulaa
Kaayyoo qabna jechuun sirni eebbaa erga maanguddoone sadiin taasifamee booda ni xumurama. Horaa bulaa!

*Malichaa Qancoorroo Elemaa, Waajjira
Kominikeeshiini Aanaa Taltalleerra Godina
Booranaa*

Finxaaleessummaan summi sab-daneessummaati; haa faccifnu!

Iluu Abbaa Boor

Obbo Simmanyoo Yargeefi Aadde Tigist Attallee mana jireenyaa magaalaa Mattuu ganda 01 keessaa qaban maqaa Obbo Simaanyoo Yargeetiin galmaa'ee beekamu lakk. kaartaasaa 3384/01/2013 ta'e M² 330 irratti ijaaramee jiru lakk. kaartaasaa 1413/01/2012 ta'e lafa M² 500 irratti ijaaramee argamu sadarkaa iddo 1^{flaa} tajaajila iddo CO ta'e Obbo Taaddalee Abarraatti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa A/Diiduu

Obbo Isiraa'el Moosisaafi Aadde Loomitu Dhibbisaa mana jireenyaa magaalaa Mattuu ganda Soor keessaa qaban maqaa Obbo Isiraa'el Moosisaatiin galmaa'ee beekamu lakk. kaartaasaa 3700/01/2014 ta'e M² 200 irratti ijaaramee jiruufi sadarkaa iddo 2^{flaa} Obbo Taammiruu Bayyyanaatti gurguradheen jira waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/ L/Magaalaa Mattuu

Aadde Ijigaayyoo Dhaabaafi Obbo Darajjee Garramuu mana jireenyaa magaalaa Mattuu ganda Soor keessaa qaban maqaa Aadde Ijigaayyoo Dhaabaatiin galmaa'ee beekamu lakk. kaartaasaa 4004/01/2015 ta'e lafa M² 160 irratti ijaaramee jiruufi sadarkaa iddo 2^{flaa} ta'e Obbo Iddosaa Tarrafeetti gurguradheen jira waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/ L/ M/ Mattuu

Obbo Joorbaasaa Gamtaafi Aadde Birhaanee Mokonnin mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Abba Saayyaa keessaa qaban maqaa Obbo Joorbaasaa Gamtaatiin galmaa'ee beekamu lakk. kaartaasaa 4052/01/2015 ta'e lafa M² 200 irratti ijaaramee jiruufi sadarkaa iddo 2^{flaa} ta'e Saj/Mikaa'el Taaffaseetti gurguradheen jira waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/ L/ M/ Mattuu

Aadde Keeyeroon Tasfaayee mana jireenyaa magaalaa Beddellee ganda 01(Shuuramu Gootaa) keessatti lafa m² 200 irratti argamu lakk. kaartaasaa L-0396/2008 ta'e Obbo Habtaamu Takkattu waan gurguratanifi jijiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun baheerra eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Yoo hin dhiyaanne jijiirraa maqaa kan raawwannuuf ta'u ni beeksifna. W/ L/M/ Beddellee

Obbo Admaasuu Shugguxee mana jireenyaa magaalaa Hurrumuu ganda 01 keessaa lafa M² 200 irratti maqaasaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Tasfaayee Gezzaahanyitti gurguradheera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/ L/ Aanaa Hurrumuu

Obbo Addisuu Damisee mana jireenyaa magaalaa Hurrumuu ganda 01 keessaa lafa M² 200 irratti maqaasaaniitiin galmaa'ee argamu Obbo Balaay Addisuutti gurguradheen jira waan jedhaniif jijiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/ L/ Aanaa Hurrumuu

Obbo Baalchaa Tolaa mana jireenyaa magaalaa Hurrumuu ganda 01 keessaa maqaasaaniitiin galmaa'ee lafa M² 200 irratti argamu Obbo Boonsaa Tamaseenittti gurguradheen jira waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/ Aanaa Hurrumuu

Obbo Mollaa Dassee mana jireenyaa magaalaa Hurrumuu ganda 01 keessatti maqaasaaniitiin galmaa'ee lafa M² 200 irratti argamu Obbo Wandimmaagany Taammiruutti gurguradheera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/ Aanaa Hurrumuu

Obbo Amaaree Yohaannis mana jireenyaa (R1) balbala tokko magaalaa Laaloo keessatti lafa M² 200 irratti ijaaramee jiru lakk. kaartaasaa 0222805 ta'e Aadde Yeetimworqi Irranaatti gurguratanii maqaan gara bitataatti akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa A/Diiduu

Obbo Asaffaa Nagaash kan jedhaman Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Yaayyoo Ganda Geerii iddo Boolee jedhamutti hojii hayyama qorannoo albuudaa dhagaa Cilee akka kennamuuf gaafataniii waan jiraniif kan mormu yoo jiraate daangaa ji'oogiraafik koordineetii lafichaa armaan gaditti ibsamee jirurratti mormiin yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa hojii 7 keessatti barreeffamaan Abbaa Taayitaa keenyatti akka dhiyeessitan ni beeksifna. UTM/Adindan/zone 36

BM	Easting(UTM)	Northing(UTM)
1	806757	919530
2	806735	920425
3	805974	920432
4	805987	919293
5	806429	919190

Abbaa Tayitaa Misooma Albuudaa Oromiya

Obbo Wandimmuu Lammaafi Aadde Shittaayee Almaayyoo lafa mana jireenyaa m² 500 magaalaa Mattuu ganda Abbaa Saayyaa keessaa qaban kan lakk. kaartaasaa 3124/01/2014/ ta'erraa mana m² 160 irratti mana jireenyaa ijaaramee jiru sadarkaansaa 2^{flaa} Obbo Dasssalenyi Borgaafi Aadde Raahel G/Sillaasseetti gurguranneerra jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu, kan hin dhiyaanne yoo ta'e jijiirraan maqaa kan raawwatomuuf ta'u ni beeksifna. WBIL/Mattuu

Obbo Wandimmuu Warqinaa kan jedhaman Godina Iluu Abbaa Boor Aanaa Doorannii Ganda Warabboo iddo Doggoo jedhamutti hojii hayyama qorannoo albuudaa dhagaa Cilee "Coal" akka kennamuuf gaafataniii waan jiraniif kan mormu yoo jiraate daangaa ji'oogiraafik koordineetii lafichaa armaan gaditti ibsamee jirurratti mormiin yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa hojii 7 keessatti barreeffamaan Abbaa Taayitaa keenyatti akka dhiyeessitan ni beeksifna.

BM	Easting(UTM)	Northing(UTM)
1	819299	936647
2	820258	936442
3	819538	935511
4	818473	935913

Abbaa Tayitaa Misooma Albuudaa Oromiya

Obbo Gaaddisaa Moosisaafi Aaddee Ilfnesh Eebbaa mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 01(Shuuramu Gootaa) keessatti argamu lakk. kaartaasaa BL-2299/2004 ta'e lafa M² 250 irratti maqaasaaniitiin galmaa'ee argamu karaa bakka bu'aasanii Obbo Aandinnat Assaffatiin Obbo Tamaseen Mitikuutti waan gurguratanifi kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne jijiirraa maqaa kan raawwannuuf ta'u ni beeksifna. W/B/ L/M/ Beddellee

Aadde Birhaanee Ittafaafi Obbo Taammiruu Waaqjiraa mana jireenyaa magaalaa Mattuu ganda Qolloo Kormaa keessatti argamu maqaasaaniitiin galmaa'ee jiru lakk. kaartaasaa 4041/03/2015 ta'e Lafa M² 160 irratti ijaaramee argamu sadarkaa iddo 2^{flaa} tajaajila iddo R1 ta'e Obbo Maammush Fiqaadutti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/ L/ Magaalaa Matuu

Waldaan Masarata Kiristoos mana jireenyaa magaalaa Mattuu ganda Abbaa Saayyaa keessatti argamu maqaasaaniitiin galmaa'ee jiru lakk. kaartaasaa 1413/01/2012 ta'e lafa M² 500 irratti ijaaramee argamu sadarkaa iddo 1^{flaa} tajaajila iddo CO ta'e Obbo Taaddalee Abarraatti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/ L/ M/ Matuu

Obbo Baalchaa Duulaa mana daldala (Coll) maqaasaaniitiin magaalaa Laaloo ganda 01 keessatti argamu lakk. kaartaasaa 0312085 ta'een galmaa'ee lafa M² 161.25 irratti ijaaramee jiru Obbo Iddiluu Hayileetti waan gurguraniif jijiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. WBIL/A/Diiduu

Obbo Taarikuu Morodaa mana jireenyaa (Coll) maqaasaaniitiin magaalaa Laaloo ganda 01 keessatti argamu lakk. kaartaasaa 0312174 ta'een galmaa'ee lafa M² 126.75 irratti ijaaramee jiru Aadde Kibbituu Jifaaritti waan gurguraniif jijiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhaniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. WBIL/A/Diiduu

Obbo Daamxee Alaamir mana jireenyaa magaalaa Yaayyoo ganda 01 keessaa qaban lakk. kaartaasaa Dhu/456/2015 ta'e Obbo Geetaachoo Naggaatti waan gurguraniif, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa A/Yaayyoo

Obbo Taarikuu Takkallinyi mana jireenyaa magaalaa Yaayyoo ganda 01 keessaa qaban Obbo Naasir Abdutti waan gurguraniif, kan mormu yoo jiraate beeksifni beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L A/Yaayyoo

Obbo Tolasaa Birruu mana jireenyaa magaalaa Yaayyoo ganda 01 keessaa qaban lakk. kaartaasaa Dhu/146/2012 ta'e Obbo Kiflee Waggaatti waan gurguraniif, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa A/Yaayyoo

Obbo Muluugeetaa Xilaahun manajireenyaa magaalaa Yaayyoo ganda 01 keessaa qaban lakk. kaartaasaa Dhu/407/2014 ta'e Obbo Bashiir Tasammaatti waan gurguraniif, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa A/Yaayyoo

Aadde Raabiyyaa Alii mana Aanaa Gachii ganda 01 Zoonii giddugaleessa keessatti argamu lakk. kaartaasaa MMLM-0371/2015 ta'e Obbo Misbaawuu Haamzaatit gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan raawwatuuf ta'u ni beeksifna. WBIL A/Gachii

Obbo Getahuun Wadajoo mana jireenyaa magaalaa Hurrumuu Zoonii Tokkummaa ganda 01 keessatti lafa kaareemetira 200 irratti argamu Fedheessa Addisuutti gurguradheera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Hurrumuu

Obbo Girmaa Boodana mana jireenyaa magaalaa Hurrumuu ganda 01 keessatti lafa kaareemetira 200 irratti argamu Obbo Solomon Birhaanuutti gurguradheera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/A/Hurrumuu

Obbo Befirduu Mokonnin mana jireenyaa magaalaa Hurrumuu ganda 01 keessatti lafa kaareemetira 400 irratti argamu Obbo Waasihiun Balaachootti gurguradheera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/A/Hurrumuu

Aadde Asegedech Zallaqaa mana jirenyaa Magaalaa Hurrumuu Zoonii A/borii ganda 01 keessatti lafa kaareemetira 252 irratti argamu Obbo Geetasawu Alamuutti gurguradheera jedhaniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/ L/ A/ Hurrumuu

Obbo Habtamuu Hambisaa mana jirenyaa magaalaa Hurrumuu Zoonii A/borii ganda 01 keessatti lafa kaareemetira 133 irratti argamu Obbo Indaalee Takkaatti gurguradheera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/ L/ A/ Hurrumuu

Obbo Daanyee Yaadataa mana jirenyaa Magaalaa Hurrumuu Zoonii Bilbilaa ganda 01 keessatti lafa kaareemetira 360 irratti argamu Obbo Geetaanee Mangashaatti gurguradheera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/ L/ A/ Hurrumuu

Obbo Barrihun Addis mana jirenyaa magaalaa Hurrumuu Zoonii Tokkummaa ganda 01 keessatti lafa kaareemetira 200 irratti argamu Obbo Birhaanuu Dassaaleniyitti gurguradheera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Hurrumuu

Buzuneesh Dastaa mana jirenyaa magaalaa Mattuu ganda Taboo keessatti argamu maqaasaaniitiin galmaa'ee jiru lakk.kaartaasaa 2990/03/2012 bal'innisaa M² 490 ta'erra kareemeetira 163.33 irratti ijaaramee argamu sadarkaa iddo 2^{flaa} tajaajila iddo BA kan ta'e mucaa koo Aadde Tageeny Mitikkuutiif kenneera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/M/Mattuu

Obbo Berrihun Alamuufi Aadde Tazaa Mokonnin mana jirenyaa magaalaa Mattuu ganda Abba Molee keessatti argamu maqa Obbo Barrihun Alamuuttiin galmaa'ee jiru lakk.kaartaasaa 2668/02/011 ta'e lafa bali'innisaa M² 403 irratti ijaaramee argamu sadarkaa iddo 2^{flaa} tajaajila iddo CO kan ta'e karaa bakka bu'aasaanii Obbo Asmaamaawu Dinberiitiin Obbo Mulugeetaa Seefuutti gurguranneerra waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu

Obbo Daawit Koorsaa mana jirenyaa magaalaa Mattuu ganda Taboo keessatti argamu maqaasaaniitiin galmaa'ee jiru lakk.kaartaasaa 3419/03/2013 ta'e lafa M² 200 irratti ijaaramee argamu sadarkaa iddo 2^{flaa} tajaajila iddo EA kan ta'e karaa bakka bu'aasaanii Obbo Mabraatee Xilaahuniin Aadde Malkaamee Taammiruutti gurguradheraa waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu

Obbo Ahimad A/Nahimiifi Aadde Caaltuu A/Zinaab mana daldalaa magaalaa Mattuu ganda Abba Saayyaa keessaa qabanu maqa Obbo Ahimad A/Nahimiifi galmaa'ee jiru lakk.kaartaasaa 4059/01/2015 ta'e lafa M² 104.5 irratti ijaaramee argamu sadarkaa iddo 1^{flaa} tajaajila iddo CO ta'e Biqilaa Bafiqaduutti gurguranneerra waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu

Obbo Amaanu'el Masfin mana jirenyaa Magaalaa Mattuu ganda Taboo keessatti argamu maqaasaaniitiin galmaa'ee jiru lakk.kaartaasaa 2737/01/2011 ta'e lafa bal'innisaa M² 466.89 irraa 266.89 kutee karaa bakka butuu kootii Aadde Iteenesh Suleeman irratti ijaaramee argamu sadarkaa iddo 2^{flaa} tajaajila iddo BA kan ta'e mucaa koo kan taate Aadde Tageeny Mitikuuf kenneraa waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu

Obbo Isiraa'el Bashaa mana jirenyaa Magaalaa Hurrumuu Zoonii Bilbilaa ganda 01 keessaa lafa kaareemetira 200 irratti argamu Simmamyi Daanyeetti gurguradheera jedhaniiru. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Hurrumuu

Aadde Hiruut G/Gorgis mana jirenyaa magaalaa Hurrumuu Zoonii A/borii ganda 01 keessatti Lafa kaareemetira 200 irratti argamu Obbo Darajjee Tammiruutti gurguradheera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Hurrumuu

Obbo Amaanu'el Masfin mana jirenyaa magaalaa Mattuu ganda Soor keessatti maqaasaaniitiin galmaa'ee beekamu lafa ballina karee meetira 466.89 irraa 266.89 kutee karaa bakka buutuu kootii Aadde Iteenesh Suleemaan mana ijaaramee jiruufi sadarkaa iddo 2^{flaa} tajaajila iddo R1 kan ta'e Aadde Kanzii Taajuuf kenneera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Mattuu

Shawaayye Nagaash Tulluu kaartaan manaa lakk. isaa MDKI-0605/08 ta'e maqaasaaniitiin magaalaa Duukam keessatti galmaa'ee kenneef waan jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhaniiru. Kanaafuu namni kaartaa manasaanii kana arge ykn sababa adda addaatiin qabate yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin abbaa qabeenya kanaaf tajaajila barbaadan kaartaa kooppiidhaan kan keessummeessinu ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Duukam

Jimmaa

Aadde Soofiyaa Jamaal kaartaan lakk. waligaltee liizii ISA-5974 tajaajila mana jirenyaa maqaasaaniitiin galmaa'ee kenneef waan jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadeera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu, yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'e etti lakkaa'amee kaartaan kan biraan bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Jimmaa

Obbo Abdujabbar Adam lakk. waliigaltee Liizii ISA-5975 tajaajila mana jirenyaa kan ta'e maqaasaaniitiin galmaa'ee kenneef waan jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadeera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu, yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'e etti lakkaa'amee kaartaan kan biraan bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Jimmaa

Aadde Mastaawat Yilmaa Lakk. kaartaa hinsochoone 4729/2014 tajaajila mana jirenyaa kan ta'e maqaasaaniitiin magaalaa Jimmaa ganda Ginjoo keessatti galmaa'ee kenneef waan jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadeera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu, yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta'e etti lakkaa'amee kaartaan kan biraan bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Jimmaa

Shawaa

Sirreessa
Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Guraandhala 23 bara 2015 maxxanfamerratti beeksisa waajjirri Daandiifi Loojistikii Aanaa Tokkee Kuttaayee baasifate keessatti Waldaa/Dhaabbata erga jedhee booda itti aansee ammas Waldaa kan jedhee dogoggoraan waan ta'eef, Waadaa jedhamee bakka buufamee srratee haa dubbifamu

Sirreessa

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Guraandhala 23 bara 2015 maxxanfamerratti beeksisa obbo Mokonnin Abaatee baasifatan keessatti pilaaniin baduunsaa dogoggoraan hin xuqamiin waan hafeef beeksisichi akkaataa itti aanutti pilaaniin itti dabalamee guutummaansaa haa dubbifamu. Obbo Mokonnin Abaatee mana jirenyaa magaalaa Adaamaa ganda Irreechaa keessaa lafa m² 420 irraa qabaniif kaartaan lakk. isaa 2332/75 ta'eefi pilaaniin maqaasaaniitiin galmaa'ee kenneef na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaafuu namni ykn qaamni sababa kamiinuu kaartaafi pilaanii kana qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan biraaj hojjetamee kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. B/M/Adaamaatti Deeskii Lafaa G/Irreechaa

Obbo Salamoon Alamu kaartaan mana jirenyaa magaalaa Adaamaa ganda Gooro keessatti maqaasaa isaaniiitiin galmaa'ee kenneef lakk. isaa 72523/96 ta'e waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhaniiru. Kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti dhiyaachuu baannaan kaartaa kan biraan bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adaamaa

Aadde Hullageresh Alamu Ingidaa magaalaa Bishoofuu ganda D/Jiituu koodii addaa cittuu lafuu OR003093210013 mana jirenyaa ta'e bali'ina lafuu 105.06M² kan ta'e kaartaan waan jalaa badeef kaartaan lammaffaa akka kennamuuf waan nu gaafaataniif, qaamni kaartaa kana idaadhaan ykn dhimma biraatiif qabate yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti akka deebisu, kun ta'u baannaan kaartaan yeroo lammaffaa kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Bishoofuu

Obbo Saggad Indaalammaawu Bayin Bulchiinsa Magaalaa Laga Xaafuu Laga Daadhiitti waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa ykn kaartaa lakk. LXLD/7764 tiin galmaa'ee naaf kennefe waan na jalaa badeef kan biraan naaf haa kennamu jedhaniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti haa dhiyeessu, yoo hin dhiyaanne kaartaa haaraa kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. B/M/Shaggaritti W/L/K/M/Ekkaa Xaafuu

Obbo Girmaa Yaamii iddo mana jirenyaa magaalaa Matahaaraa ganda 01 (Dirree Gobbuu) lakk. kaartaa EMML/C/036/07 kan ta'e naaf kennefe waan naj alaa badeef kaartaa biraan akka hojjetamuuf gaafataniiru. Kanaafuu namni kaartaa kana sababa wabummaan ykn haala biraatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksisni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu, yoo kun ta'u baate kaartaa haaraa hojjennee kan kenniuuf ta'u ni beeksifnia. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Matahaaraa

Aadde Shitoo Halil kaartaan mana jirenyaa magaalaa Waliso ganda Horaa keessaa qabaniif lakk. isaa Qpmw/436/2014n galmaa'ee naaf kennefe na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaafuu qaamni (namni) kaartaa kana sababa adda ddaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti kan hin dhiyaanne yoo ta'e kaartaan jalaa bade tajaajilaan ala ta'e kaartaan haaraan kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. W/L/M/Walisoo

Obbo Wandasan Zawduu kaartaan lakk. isaa BMF/762/1564/91 ta'e maqaasaaniitiin galmaa'ee kenneef na jalaa badeera jedhaniiru. Kanaafuu qaamni kaartaa kana sababa adda ddaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu, kan hin dhiyaanne yoo ta'e kaartaan jalaa bade tajaajilaan ala ta'e kaartaan haaraan kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. W/L/M/Walisoo



Muuxannoo

Masarat Amanaa

Qaamaa miidhamaa hojii kophee qulqulleessuurraa ka'ee waldaalee intarpiraayiziin ijaaramee miliyeenara ta'e

Shagga Huseen Waaqoo jedhama .Dhalataa Godiina Arsii Lixaa Magaalaa Dodolaati. Dargaggeessa intarpiraayizoota marsaa 13 Naannoo Oromiyaa tibbana gara abbaa qabeenyaa guddattuu giddu galeessaatti ce'an keessaa tokkoodha.

Qaamaa miidhamaa garuu sammuu bilchaataafi mul'ata egeree qabu rakkoo harka hin laannee qaama miidhamummaansa harka hin kennisiifne darbeeeyyuu qaamotasa fayyaafi sammuu hangafa qaama hundaa ta'etti fayyadamuun kanneen qaama guutuu osoo qabaniyyuu harka namaa ilaaliifi bakka isaanif hin mallee oolaniif faallaa ta'uun bakka kaayyoosaa ooluun ofiifi biyyasaaf barbaachisaa ta'ee argameedha.

Akkuma araan gubbaattii kaasne Biiron Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa Oromiyaa Sagantaa intarpiraayizoota marsaa 13^{flaa}f intarpiraayizoota 1021 Bara 2015 gara guddattuu giddu galeessaatti ceesise irratti dargaggoon qaama miidhamaan Shaggaa Huseen Waaqoo wayita beekkamtiif fudhachuuf gara waltajiitti bahutti baheetti Gaazexaan Kallacha Oromiyaa ija keessa galchuun icciitii milkaa'inaafi mul'ataafi kaayyoo egeree dargaggeessa kanaa gaaffate.

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa: Maqaan kee'eessaa dhufte maal hojjetaa turt?

Maqaan koo Shaggaa Huseen Waaqoo jedhama Godina Arsii Lixaa Magaalaa Dodolaarraa kanan dhufe yoo ta'u sagantaa intarpiraayizoota a gara guddattuu giddu galeessaatti ce'an kana keessaa anis tokko waanan ta'eefan asitti argame. "Ani hojin hojjetaa turee mana nyaataafi raabsaa dhugaatii lallaafaan qabaa isa hojjechuun jijiirama guddaa argamsiiseenan beekkamtiif asitti argame.

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa: Akkamitti gara hojii kanaatti seente?

Shaggaa Huseen "Ani jalqabuma kooyyuu hojin jaaladha, qaama miidhamaa malee sammuu miidhamaa miti, kan miidhame fooni malee sammuu koo ykn qalbi koo miti. Kana waan ta'eef akkuma nama fayya kamuu ni danda'ama yaada jedhuun gara hojii seene. Jalqaba gara hojii liistiroo ture itti fufaa gara mana uffataa, achumarra osoon jiruu waajjirri carraa uumuufi ogummaa magaalaa koo gurmooftee hojii hojjechuun ni dandeessa jedhu yaadaafi barumsa naaf kenne, hubanno kana ergan fudhee boodaa maaltu bu'aa naaf buusa jedhee ergan xiinxalee gara mana nyaataa kanaatti seene"

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa: Achin booda hoo



Shaggaa Huseen

Akkuma dura ni danda'ama jedhee hojjedhee har'a beekkamtiif bakka kana qaqqabe.

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa: Hojii kamuu hojjechuuf ofitti amanamummaan hangam barbaachisa?

Shaggaa Huseen Waaqoo: Kuni gaaffii hin qabu, ani ofitti amanamummaan kiyyaa hedduu guddaadha. Karoorri koo fuulduraas guddaadha. Kuni jalqabbiidha malee hedduun deema jedheen ofitti amana. Akkan yaadutti kaayyoo koorraa dhibbantaa tokko yoon socho'eedha. Magaalaa koo keessatti dargaggootaaf muuxannoo cimaa ta'uun barbaada.

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa: Gara fuulduraatti mee maal yaadda?

Shaggaa Huseen Waaqoo: Gara fuulduraatti gara ijaarsa ykn konistiraakshiniitti ce'uun barbaada. Guddisee namoota hedduu carraa hojii barbaada. Kunammoo akkan milkeessuu abdii guutuu qaba, imala koo keessatti hojikn hojjedhe kamuu keessatti milkii malee hin gufanne. Ammas kaayyoo koo kana galmaan nan gaha jedheen yaada.

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa: Dargaggootaaf qaama miidhamaa ta'anii kanneen qaama guutuu qabaniif maal dhaamta?

Shaggaa Huseen Waaqoo: Hojin bu'aa bayii hedduu qaba, mudannoo namatti ulfaatu qabaachuu danda'a, ni dheeratas jechuun akkuma salphaatti yeroo gabaabaa keessatti gara milkaa'inaatti dhufuu dhabuu mala. Kanaaf of amansiisu hunda dandamachuun kaayyoo ofif qofa bitamuun barbaachisaadha.

Hirkattummaa hedduu hin barbaachisu sammuu ofitti amanuun ifaajjuu barbaada kan jedhu Dargaggoon Shaggaa,

dargaggooni hunduu carraalee jiru hunda ilaaluun itti fayyadamuu qabaatu jedhee yeroo ammaa nama hojjetatee dinagdee horatetu bakka tokko gaha ofifis maatiifis biyyafis gaha jechuun dhaameera.

Yeroo ammaa dargaggoon Shaggaa Huseen kaappitaala qarshii miiliyoona lamaa olii akka qabuufi carraa hojiilee dhaabbataan namoota 10 niif kan bahaa galaa hojjetan 7walumaa galatti namoota 17 carraa hojii uumuuf dubbata.

Maarree dargaggooni keenya dargaggo abbaa mul'ata dheeraa qaama miidhamummaan sammuu miidhamummaa akka hin taanetti ilaalee yeroo dargaggooni qaamaa guutuu qabanille hojii dhabummaan rakkatanifi miira abdii kutanna keessa galanii araadaa hin taaneef saaxilamuun yeroofi umriisaanii qaali akkuma tasaatti gatan kanatti dargaggeessa kanarraa muuxannoo guddaa gonfatu jennee amanna.



Shaggaa Huseen Wayita badhaafamu

maal maal hojjeteteetumilkaa'uu dandeesse?

Shaggaa Huseen : Jalqaba qarshii 20,000n ka'e jechuun mana nyaataa kana. Akkuman araan olitti kaase gorsa argadhee booda gara bakka hojii waajjirri carraa uumuufi ogummaa naaf mijeessee naaf kennee achumaan gara hojii mana nyaataa kana hojjechuutti seene

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa: Hojirratti bu'aa bahii siqunnameefi haala keessa darbite yoo jirrate?

Shaggaa Huseen Waaqoo: Ana qaama miidhamaa haa hafuuti kaanuu nama kamuu jechuu kooti waantotni hojinkessatti nama qunnaman hedduudha. Garuu miiraa mo'uufi hunduu keessa ni arbama ni danda'ama jedhu qabaachuu murteessaadha. Anis yeroo hundaa ni danda'ama malee hin danda'amu ni ulfaata jechuu hin barbaadu, haamilee cimaan qaba jedhee waanan yaaduuf hojii keessa seenee har'as borus akkasumattan ilaala.

Daneessummaan miidhagina malee sodaa miti



Dinagdee

Olbaanaa Xomboraa



Piroojektoota sagantaaleedhaan hojjetaman

Bishaan jirenya dhala namaatiif murteessaadha. Kanaaf mootummaan dhaabbilee deeggarsaa addaa addaa hojii dhiyeessii bishaan dhugaatii dabaluurratti hirmaachisuun xiyyeefannaa guddaa kennee hojjetaa jira

Biirroon Bishaaniifi Inarjii Oromiyas naannicha keessatti dhiyeessii bishaan dhugaatii dabaluun gaaffii gama kanaan hawaasni kaasu deebisuu xiyyeefannaa guddaan hojjechaa tureera, ammallee bal'inaan hojjechuurraati argama. Kana dhugoomsuufis kan bajata mootummaatiin hojjetamutti dabalataan dhaabbilee deeggarsaa hojii kana deggaruurratti bobba'anii jiran qindeessuuniifi hundaa ol immoo abbaa dhimmichaa kan ta'e hawaasa bal'inaan hirmaachisuun hojilee bal'aa hojjechaa jiruun bu'aalee abdachiisootu argamaa jira. Keessumaa, hawaasa naanno baadiyyaa jiraatu fayyadamaa bishaan dhugaatii taasisuuf biirichi xiyyeefannaa addatiin hojjchaa jira.

Bu'uruma kanaan, dhaabbilee deeggarsaa qindeessummaa biirichaatiin naannichatti gaaffifi fedhii hawaasaarratti hundaa'un hojii kana hojjechaa jiran keessaa Sagantaaleen pirojektota raawwii kurmaana 2ffaatti geggeeffameen OWNP-CWA baasii Mil 624, COWASH Mil 56, BASKET FUND Mil 332, GCF Mil 31, BIOGAS Mil 6, second Urban mil 42 waliigalaan Bil. 1.2 olin sagantaadhaan pirojektootni ijaaramaani jiru. kana irraa ammoo uummanni 684,968 fayyadamtoota ta'ani jiru.

Egaan bara kana Pirojektoota sagantaaleedhaan ijaaruuf karoorfaman yeroo qabame keessatti xummuruun tajaajilaaf banaa taasisuuf hojjetamaa jiraachuu Ittiaanaa Biirroo Bishaanii Oromiyaa Injinar Mahaammad Ziyaad Galatoo himaniiru.

Pirojektoonni bishaan dhugaatii fayyadamummaa ummataa sadarkaa olaanaadhaan mirkaneessaniifi jiruufi jirenya ummataa jijiiruu keessatti hiikaa olaanaa qaba. Mootummaan Naanno Oromiyas pirojektoota bishaan dhugaatii sadarkaan jiran yeroo qabame keessatti akka xummurmaniifi tajaajila ummataaf banaa ta'an xiyyeefannaa kennee hojjechaa jira.

Pirojektoota idileedhaan baajata Mootummaatiin hojjetaman akkuma jiruutti ta'ee pirojektoota sagantaaleedhaan hojjetamuuf karoorfaman yeroo qabame keessatti akka xumurmaniifi tajaajila ummataaf banaa ta'an hojjetamaa jiraachuu Injinar Mahaammad Ziyaad himaniiru.

Biiriichi sagantaaleedhaan wagga shan keessatti pirojektoota ijaaruun karoorfame yeroo qabame keessatti xummurduhaaf rakkoonwan garaagaraa hudhaa ta'an qorachuun bifaa haaraatiin qopheessuun gara hojiitti galamuu isaatiin yeroo ammaa raawwiin pirojektootaa sadarkaa fooyya'arra jiraachuu Injinar Mahaammad Ziyaad ibsaniiru.

Aanaalee 76 keessatti pirojektooni kun hojjetamaa jiraachuu kan himan Injinar Mahaammad Ziyaad, pirojektooni ijaaraman dhiyeenyaa akka hordofaman humna namaa ramaduun yeroo qabame keessatti tajaajilaaf banaa akka ta'an hojjetamaa jiraachuu eeraniiru.

Godinaalee hongeen keessatti uumame keessatti ammoo bifaa addatiin pirojektooni akka xumurmaniifi rakkoo jiru hir'isu akka danda'an xiyyeefannaa addatiin hojjetamaa kan jiru ta'uus Injinar Mahaammad Ziyaad himaniiru.

Akka waliigalaatti biirichi bara kana waliin gahiinsa bishaan dhugaatii Naanno Oromiyaa %80.23 irraa gara %83.12ti ol-guddisuun ummata 2,702,520 fayyadamaa taasisuuf hojjetaa jira. Kanaan ammoo baadiyya %82.03 irraa gara %85.59 tti ol guddisuu akkasumas Magaalaa %78.43 irraa gara %80.65 tti ol guddisuu fayyadamaa taasisuuf kan hojjetu ta'u ragaan biirichaa arganne ni mirkaneessa.

Iskiimota bishaan dhugaatii tajaajila hinkennine %5.98 irraa gara %5.64ti gadi buusuun dabalataan teeknoolojii inarjii haaromfamaa babal'isuufi jirenya hawaasa naannichaa jijiiruu hojin bal'aan hojjetamaa jira.

Akkuma armaan olitti ibsamuu yaalame piriktootni sadarkaa naannoofi godinaatti baajata mootummaafi liqaa baankii addunyaarrraa argamaniin ijaaramu. Pirojektoota qorannoofi dizaayinii baadiyya kan sadarkaa godinaatti



Injinar Mahaammad Ziyaad

hojjetaman haaraa 42 hojjachuuuf kan karoorfamee hojjetamaa jira.

Biirichi bara kana bifaa addaan qoranno addaa taasisaa tureen wantootni akka ciminaatti galmaa'anin qorannoofi dizaayinii magaalootaa fooyyee kan qabu ta'uufi kenna tajaajilaa fooyyessuuf hojiin hojjatame gaarii ta'uudha. Kana keessatti ammoo rakkoo nageenyaa, bajataa, Humna Ibsaa, rakkoon sharafa alaafi qaala'iinsa gatii meeshaalee ijaarsaa (Simintoon dhabamu) rakkoon dandeettii koontiraaktarootaa (qotiinsa boollaa) mula'ani jiru.

Kanaaf, biirichi dhimmoota xiyyeefannoo addaa ilaalamian addaa baasuun kurmaana itti aanu keessatti ciminaan raawwachuuuf hojii eegaleera. Kanaanis pirojektoota rakkoo bulchiinsa gaarii ta'anirratti xiyyeefachuuun akka xumurman ta'u. Kanarrattis projektootni sagantaaleedhaan hojjetamanin yeroo ammaa xummuramuun ummataaf banaa taasifamaa jiru. Fulduratti qindoomba keessaafi alaa cimsuun fayyadamummaa ummata mirkaneessuf hojjechuu akka qabu qoranno adeemsisa tureen mirkaneesse jira.

Barumsi naanno hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!



ethio telecom™



Kuufama Sagalee
Kan Ji'aa



HEDDUU BILBILAA XIQQOO KAFFALAA!

Daq. 125

Qar. 35

Daq. 200

Qar. 50

Daq. 400

Qar. 95

Daq. 500

Qar. 120

Daq. 1000

Qar. 195

Daq. 2000

Qar. 380

Kuufama Sagalee yoo bitattan ergaa barreefamaa
dabalataan ni argattu!

telebirriin yoo bittan 10% dabalata argatu!

Odeeffannoo dabalataaf www.ethiotel.com.et daawwadhaa





Lafawwan miidhaman xuxxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi'anii akka dandamataniifi oomishitummaansaanii akka dabalu gochuun ni danda'ama!

T.L.	Maqaa Liqeffataa	Maqaa Nama qabeenyaa qabsiisee	Damee Liqesse	Teessoo Qabeeyaa Caalbaasiif dhuyaatee, Lakk.Kaarta, fi Bal'ina Lafichaa			Ka'uumsa Caalbaasiif/ Qarshidhaan	Yeroo Caalbaasiin itti gaggeeffamu	Marsaa Caalbaasiif/ Caalbaasiin kan ba'e
				Qabeenyaa Caalbaasiif dhuyaate	Magaala/Kutaa Magaalaal/Aanaa/ Ganda/Lakk. Manaa	Lakk.Kaartaa			
1	Obbo Zakkariyaas Taaddasaa Danbal	Obbo Zakkariyaas Taaddasaa Danbal	Damee Gafarsa Noonnoo (G+1)	Warshaa Mana Warshaa Mana (G+1)	Magaala Shaggar Kutaa Magaala Gafarsa Noonnoo (Iddo Warshichi itti argamu Naamnoo Zonni Paarkii Industrii Buraayyuu)	Bur/inv/1000/03	Bal'inni Lafichaa 2100 M ² fi Sad.Lafichaa 1 ^{flaa}	19,330,793.14 2/8/2015	Ganama Sa'aati 4:00-6:00 2 ^{flaa}
2	Obbo Abduraahim Aliyyii Muhaammad	Obbo Abdurahamaan Aliyyii Muhammad	Damee Gobbaa	Magaala Gobbaa Ganda Caffee Hora (Balka Addaa Addis Katamaa ykn naamnoo Raabsaa Boba'aa Zaagol)	Magaala Gobbaa Ganda Caffee Hora (Balka Addaa Addis Katamaa ykn naamnoo Raabsaa Boba'aa Zaagol)	4026/2/A/5576	Bal'inni Lafichaa 391.50 M ² fi Sad.Lafichaa 1 ^{flaa}	500,000.00 2/8/2015	Ganama Sa'aati 4:00-6:00 2 ^{flaa}
3	Addae Kokobee Alamaayyo fi Obbo Ahimad Gammachuu	Awwal Kadir Usmaan Shaashhamannee durraanii)	Damee Utta Wayuu (Damee Shaashhamannee durraanii)	Mana Jireenyaa Mana Jireenyaa	Magaala Shashhamannee Ganda Araadaa, (Balka Addaa Bataskaana Mikaa'el fiulduura)	14737	Bal'inni Lafichaa 80.6 M ² fi Sad.Lafichaa 1 ^{flaa}	465,497.85 2/8/2015	Ganama Sa'aati 4:00-6:00 1 ^{flaa}
4	Obbo Taammiruu Sixootaawu Wandimuu	Obbo Taammiruu Sixootaawu Wandimuu	Damee Dallloo Mannaa	Mana Jireenyaa Mana Jireenyaa	Magaala Manna ganda 02 Naamnoo Ayyar Meedaa Safar	2595/2013	Bal'inni Lafichaa 200 M ² fi Sad.Lafichaa 1 ^{flaa}	498,136.21 3/8/2015	Ganama Sa'aati 4:00-6:00 1 ^{flaa}
5	Obbo Ashammaafii Asiraat Dirisaa	Addae Birhaanuu Birruu Guyyee durraanii)	Damee Ardaa Barri (Daraaroo	Mana Jireenyaa Mana Barumsaa	Magaala Shashhamannee Ganda Burqaa Guddinaa Mana Barumsaa Idigat Eeanaa fiulduura	17133	Bal'inni Lafichaa 207.2 M ² fi Sad.Lafichaa 2 ^{flaa}	740,692.03 3/8/2015	Ganama Sa'aati 4:00-6:00 1 ^{flaa}
6	Obbo Garbi Halaakee Kateeloo	Obbo Garbi Halaakee Kateeloo	Damee Elleee	Mana Jireenyaa Mana Jireenyaa	Magaala Yaaballoo Ganda Garbi Yaaballoo	2199/2010	Bal'inni Lafichaa 1500 M ² fi Sad.Lafichaa 1 ^{flaa}	1,853,500 4/8/2015	Ganama Sa'aati 4:00-6:00 1 ^{flaa}

ykn gar-tokkeen osoo hin gaggeessin haquuf mirgi isaa kan eegaamedha.

qabeenyaa ykn bakka bu'aa seeraa isaanii qofa ta'a.

7) Namni qabeenyota Caalbaasiif dhyaatan kanneen illaalu barbaadu, Dameewwan kanneen beellama qabsiifachuu ilaalu ni danda'a.

8) Odeeffanno dabalaaf:- Lakkofsa bilbilaa Baankii Siinkee Kuttaa Tajaajila Seeraa (011-557-1485), Damee Gafarsa Noonnoo (011-260-1863), Damee Gobbaa (0226610727), Damee Utta Wayuu (046-110-3696) Damee Ardaa Barri (046-110-4972), Damee Dalloo Manna (0980592983) fi Damee Elleee (0949028154) ta'e irratti bilbiuun gaafachuu ni danda'a.

Baankii Siinkee W.A

Dambiiwan Caalbaasiif:

- Dorgomaan ykn bulkka bu'aan seeraa dorgomaa gatii ka'uumsaa Caalbaasichaa 1/4^{flaa} Ajaja Baankii /C.P.O/ dhaan mirkana'e qofa qabsiisiun galmaa'un dorgomuu ni danda'a. Dorgomaan Caalbaasichaa mo'ate guyyaa 15 (kudha shan) keessatti gatii qabeenyicha ittiin mo'ate kaffalee kan hin xumure yoo ta'e, Qarshii qabiisee Baankichaaf galii ta'ee, Caalbaasichi kan haqamu ta'a. Dabalataan garaagarummaa gatii qabeenyichi Caalbaasichaaf irra deebiin ba'uun uumamuuf itti gaafatamaa ta'a. Dorgomootta Caalbaasicha mo'atamaniff Ajaja Baankii /C.P.O/ qabsiisan guyyaadhumu sana deebi'aaf.
- Caalbaasichi kan adeemsifamu teessoo/bakka qabeenyonni kanneen argamanitti ta'a.
- Kaffaltii Liizii fi kanneen biroo bitataan bu'uura seeraatiin akka kaffaluuf murtaa'ee/dirqamu kanneen Taaksii waliin walqabatan bitataan/mo'ataan battala Caalbaasiif mo'ate qabee kan kaffalu ta'a.
- Waldaan Daldalaa Waldicha bakka bu'ee Caalbaasicha irratti dorgomuu barbaade sanada aangoo qaamaa seerummaa qabaachuu isaa agarsiisu (Barreeffama Hundoeffamaa fi ykn Dambilii ittiin Bulmaataa) fi aangoobakka bu'insa seeraa qabatee dhuyaachuu qaba.
- Baankichi karaa mijaawaa biroo yoo argatee, Caalbaasicha guutummaatti



Seeraafi Haqa

Taammanaa Gammadaa

Murtiiwan manneen murtii olaanoo, dhaddacha dhaabbi baahifi dhaddacha ijibbaataatiin kennamanirratti dhimmoota seeraa falmisiisoo ta'an

Torban darberra kan itti fufe

Haala kanaan murtii manneen murtii jalaa yoo ilaallu Manneen Murtii Aanaafi Ol'aanaan waliigaltee fuudhaafi heerumaa ragaa barruun dhiyaaterratti hundaa'anii qabeenyaaifi qabiyyeen kan waliiniiti kan jedhan yoo ta'u, Manni Murtii Waliigala Oromiyaa dhaddacha dhaabbi bahaa immoo qabiyyeefi qabeenya qabatamaan iyyattuu abbaa warraashee waliin itti fayyadamaa tute.

Haala kamiin akka ta'es osoo adda hin baasiin sababa waliigaltchi ulaagaa hin guunneef qofa akka iyyattuu mirga hinqabnetti murtiin kenne haala guutuu dhimmichaan osoo hin qulqulleessin murtii kenname waan ta'eef dogoggora bu'uraa seeraa kan qabudha. Kanaafuu, murtiin Mana Murtii Waliigala Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbi Bahaa galmeek lakkofsa 385992 irratti dhaddacha guyyaa 20/08/2014 ooleen murteesee tures diigameera.

Kanaaf MMA dhimmicharra deebi'uun ijoo "waliigaltee fuudhaafi heerumaa akka ragaatti dhiyaatan ulaagaa kan hin guunne yoo tahellee, qabeenyi manaafi qabiyyeen lafa falmisiise kunis kan himatamaa ta'ee innis iyyattuu kana waliin qabatamaan fayyadamuuf waliin turanimoo miti? Qabeenyiifi qabiyyeen kan waamamaa ammaa (gidduu lixaan mana murtii jalaa) yoo ta'ee, himattuu hiimatamaan jalaa haala kamiin fayyadamaa turan?

Kan jedhu ragaa namaa lakkawatanirra deebi'ee dhagahuun, ragaa galmeekessa jiruufi barbaachisa yoo ta'es ragaa haqa baasuuf gargaaraa jedhuun qulqulleessee madaaluun murtii haqa qabeessa akka kenni jechuun bu'uraa s/d/f/s kwt 343(1) tiin qajeelfamaan gara mana murtii aanaa Digaluufi Xijjotti gadi deebiseera.

Himattuu jalaa bifa lamaan abbaa mirgaa ta'uun dandeessi jechuudhaa? Himannaan bu'uraa waa'ee itti fayyadamaa turuu ni ibsaa laata?! Dhaddachi ijibbaataa himannaafi deebii gareewwanii jedhee yeroo gabaabsee barreessu; itti fayyadamaa turuufi dhiisuu ilaachisee (lafa) gareewwan falmii kaasuu isaaniifi himattuu sababa ittiin mirgicha gonfattu taasifachuu ishee hin ibsine.

Himattuu naaf lakkawame jettee ragaa sanadaa dhiyeeffatte, himatamaan hin lakkawamneef jedhe. Kanarrraa ijoon qabamu ifadha. Dhaddachi ijibbaataa toora qabsiiseera jechuun ni danda'amaa?

❖ Dirqama Mirkaneessuu

Dirqama mirkaneessuu jechuun dirqama seeri gareen falmii tokko sadarkaa mirkaneessaa seeraan barbaadamuu firii dubbii falmisiise akka hubachiisuuf irratti gatuudha.

Gareen tokko garee biroo falmiin mo'achuu kan danda'us yoo haala caalmaatti amansiisaa ta'een jiraachuu ykn jiraachuu dhabuu, raawwachuu ykn raawwachuu dhabuu firii dubbii falmisiise mirkaneesse qofa dha. Akka bu'uratti adeemsaa dhimma sivilii keessatti, qaamni firii dubbii tokko ibse(hime) dirqama mirkaneessuu qaba.

Dirqamni kun dirqama haala deureewan itti gaafatamummaa fidan (uuman) mirkaneessuu

of keessaa qaba. Akka fakkeenyaaatti, S/H/H waliigaltee wal-qabatee keewwata 2001 jalatti qaamni dirqamni tokko akka raawwataamuuf barbaadu dirqamichi jiraachuu mirkaneessuu qaba jedha.

Dhimmi dhaddacha ijibbaata MMWOtiin galmeek lakk.404353 ta'e irratti dhaddacha gaafa 19/11/2014 ooleen murtii argatedha. Dhimmi kunis kan eegale MMA Adaamaa irraa yammuu ta'uus, iyyataan ammaa himanna waamamaa ammaa irratti dhiyeessen;-

Iddoo mana jirenyaa Magaalaa Adaamaa Ganda Gooro keessatti argamu kaaree meetira 200 tahe, lakkofsa kaartaa 763/2012 gaafa 22/12/12 maqaa kootiin naaf kennamee, eeyyama ijaarsaa itti baafadhee dhakaa baajoo 6fi cirracha baajoo 1 irratti buuse naannawasaas qotee qopheessuun kan bu'urrisaa ijaaramee ture waamamaan kunis mirga tokko osoo hin qabaatiin guyyaa 29/11/13 dhoksaan ijaarsa mana jirenyaa gaggeessuun jeequmsa waan uumeef jeequmsa akka dhaabu humnaan mana jirenyaa ijaaraa jiru baasii mataasaatiin diigee lafa koo akka naaf gadi lakkisu kan jadhe yammuu ta'u, waamamaan ammaa gamasaatiin deebii kenneen; iddo lafa falmii kaase Magaalaa Adaamaa Ganda Coqonuu Saqaqalloo Dhakaa Adiitti.

Bilookii 14 paarsili 22 taherratti argamu lafa k.m.105 lakkofsa nagahee 471610 tahe qarshii 5808.50 itti kaffalee gaafa 16/12/2000 carraan argadhee kaartaa itti baafachuu bulchiinsi magaalaa baakloogiin hanga qajeelfamni kennamutti turi naan jadhanii kiraan manaa kaffaluu waaniin hin dandeenyef iddo carraan argadhe kanarratti mana sarviisi ijaaradhe bulchiinsa magalaafi ganda beeksisee qabadhee itti fayyadamaa kaniin jiru malee jeequmsa uumuun lafa iyyataa jalaa hin qabanne.

Iddoon harka iyyataa galee qabate kan itti hin ajajne waan taheef kaartaa qabaachuu qofti abbaa qabeenyaa isa hin taasisu, iyyataan iddo kanarratti dhakaa cirracha buuses hin qabu, jeequmsi lafasaa irratti uumame waan hin jirreef himanni qabiyyee mirgarraa hin qabnerratti dhiheesee kufaa naaf haa tahu jachuun falmeera.

Itti aansuun, Manni Murtii Aanaa bitaafi mirga falmisiisuu, ragaa namaa wal-falmitootaa dhagahuun, akkasumaas waajjira bulchiinsa ittifayyadama lafa magalaarraa akka qulqullahee dhihaatu taasisuun dhumarratti murtii kenneen, iddo lafa falmii kaase k.m.105 waamamaan naaf kennamee jedhu kaartaa iyyataa lakk.763/2012 keessatti hammataame jiraachuu isaafi dursee kan kennameef iyyataa tahuu waan mirkanaaheef waamamaan jeequmsa qabiyyee lafa iyyataa irratti uume dhaabee mana ijaare baasii mataa isaatiin akka irras kaasuu jachuun murteesseera.

Itti fufuun, dhimmichi MMO gahee MMO Go/A/ Adaamaa komiin waamamaan ammaa hin dhiyeessisu kan jedhe yammuu ta'u, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa Dhaddacha Dhaabbi Bahaa immoo; waamamaan lafa iyyataa irratti jeequmsa uumee jalaa qabatee mana irratti ijaarachuu isaa hin mirkanoofne jechuun murtii manneen murtii jalaa bu'uraa s/d/f/s kwt 348 (1)tiin diiguun murteesseera.

Kanatti aansuun, dhimmichi dhaddacha ijibbaataa MMWO gahee, dhaddachichi ammoo,falmii bitaafi

mirgaa irraa akka hubachuu dandhamutti lafti mana jirenyaa falmii kanaaf ka'umsa tahe bulchiinsa magaalaa jalatti kan argamu tahuun mirkanaaheera.

Qabiyyene lafa magaalaa bitaafi mirgi irratti wal-falman iddoohuma tokkoofi wal-fakkaataa tahuunis mirkanaahe jira. Iddoon bitaafi mirgi irratti wal-falmaniifi falmii jeequmsa kanaaf ka'umsa tahe eennuuf karra seera qabeessaan kennamee tohannaas isaa jala galchuun dhugaan itti ajajaa ture kan jadhu duraan dursee bu'uura seera qabeenyaa kwt.1140 fi 1141 faana ilaalamu kan qabu akka tahe beekkamaa dha.

Qabiyyee lafa magaalaa irratti dursa qabachuu mirga abbaa qabiyyee kan irratti argamu osoo hin tahn qama lafa bulchuuf aangoon kennameen karra seera qabeessa taheen yoo kenname qofa abbaa mirgaa irratti gonfachuu dandahama.

Kanaan ala haalli qabannaa isaa seeraa ala tahu isati.

Bu'uura kanaatiin gara dhimma harkaa qabnutti yoo deebinuu qabiyyeen lafa magaalaa falmii tahe tokko ebeluuf seeraan kennamee jadhamiie kan ittiin mirkanaa'u kaartaafi pilaanni iddo lafti itti argamu agarsiisuu dandahu qaama dhimma ilaaluun raawwataamee kennameenidha.

Kanaan alas ragaan dhihaatu ragaa rogummaafi fudhatama seeraa qabu tahuu hin danda'u. Bu'uura kanaan, iyyataan iddo falmii kaasee bara 2012 seeraan kan argate tahuufi kaartaafi pilaanii iddicha mirkaneesssu kan itti kennameef tahuufi darbee heyyama ijaarsaallee kan itti baafate jiru tahuu, ijaarsa gaggeessuuf dhakaafi cirracha ijaarsaaf oolu laficharratti kan buufate tahuufi osoo waamamaan mana osoo hin ijaariin to'annaasaa jala galfate dhugaadhaan kan itti ajajaa ture tahuu firii dubbii jalatti (jala jechuun dhaddacha bahaa hin ilaallatu?) mirkanaahe jirudha.

Waamamaan iddoon falmii kaase bara 2000 baak loogiin naaf kennamee jachuun kan falmu yoo tahuu baakloogiin isaa kennamu kaartaafi pilaanni iddicha agarsiisuu kan itti hin qabneefi isaf hin kennamin akka ta'e heyyama ijaarsaallee kan itti hin qabne tahuufi gaafa iyyataan ijaarsa gaggeessu dhaqee jeequmsa uumee nama ijaaruu dhaqerraar ari'ee ofi halkan mana ijaaree bule tahuusaa mirkanaa'e jira.

Waamamaan ijaarsi inni ijaarellee qabiyyee lafa k.m.200 iyyataaf seera qabeessaan kennamee keessatti kan argamu, hayyama ijaarsaa kan itti hinqabneefi ijaarsa seeraa ala tahuun mirkanaahe osoo jiru iyyataan ammoo qaama dhimmisa ilaluun laficha kennameefi kaartaan itti hojjatameefi heyyama ijaarsaa itti baafatee dhakaafi cirracha osoo waamamaan lafa duwwaa turerratti ijaarsa hin gaggeessin tohannaasaa jala oolfatee, booda waamamaan iddoon lafaa kun naaf kennamee sababa jadhuun dhuma ji'a Adooleessaa bara 2013 jeequmsa uumee ofisaa qabatee ijaarsa seeraan alaa qabiyyee iyyataarratti gaggeessuun isaa mirkanaahe osoo jiru, Manni Murtii Waliigalaa Oromiyaa ol' iyyata dhagahee nama seera qabeessaan iddoon lafa mana jirenyaa kennameefi to'annaasaa jala oolchee jiru nama kan biraatin jeequmsi yoorratti uumame bu'uura seera qabeenyaa kwt 1140, 1141 fi 1149(1)tiin jeequmsi akka irraa dhaabbatu gaafate.

Dhiibbaawan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!



Hawaasummaa

Galaanaa Kumarraa



Seenaa kabaja Ayyaana dubartootaa 'March 8' fi bu'aawwan argamsiisaa jiru

Guyaan Ayyaana Dubartoota addunyaa waggaa waggaan A.L.Atti ji'a Bitooteessa keessa (March 8) sadarkaa addunyaafi biyya kanaatti akka kabajamu ni beekama. Bara kanas, guyaan kun ergaa ijoo, "Kalaqaafi Teekinooloojiin Walqixxummaa Koorniyaatiif" jedhuun kabajamuun kan eegale yammuu ta'u, akka Naannoo Oromiyaattis sadarkaa adda addaatti qophilee garaagaraatiin ni kabajama. Kanuma ilaachisuun Biroo Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii Oromiyaatti ragaa Barreeffamaa Daarektoreetiin Kominikeeshiini Biirichaa nuuf ergee haala araan gadiitiin qindeessinee dhiyeessineera.

Miidhaan dubartummaasaanii in dubartootarratti raawwatamaa ture rakkoo addunyaa hundaati. Akkataa sadarkaa guddina dinagdee, hawaasummaafi siyaasaa biyyootaatiin akaakuuniifi sadarkaan miidhaawan ga'a turanii garaagarummaa ni qabaata.

Miidhaawan dubartootarra ga'a ture kana yaadachuuf guyaan dubartoota addunyaa bara baraan dhaadannoowwan garaagaraatiin kabajamaa tureera, kabajamuurrattis argama. Bara kanas, guyaan kun akka addunyaa ture rakkoo addunyaa hundaati. Akkataa sadarkaa guddina dinagdee, hawaasummaafi siyaasaa biyyootaatiin akaakuuniifi sadarkaan miidhaawan ga'a turanii garaagarummaa ni qabaata.

Miidhaawan dubartootarra ga'a ture kana yaadachuuf guyaan dubartoota addunyaa bara baraan dhaadannoowwan garaagaraatiin kabajamaa tureera, kabajamuurrattis argama. Bara kanas, guyaan kun akka addunyaa ture rakkoo addunyaa hundaati. Akkataa sadarkaa guddina dinagdee, hawaasummaafi siyaasaa biyyootaatiin akaakuuniifi sadarkaan miidhaawan ga'a turanii garaagarummaa ni qabaata.

Sadarkaa Addunyaa jirenya siyaas-dinagdee hawaasummaa keessatti bulchiinsi oolantummaa dhiiraa mirkaneessuu eegalee dubartoonni jaarrra hedduuf dhibbaan, hacuuccaaniifi loogiin irratti taassifamaa dhufusaatiin dubartoonni rakkoolee suukanneessoo keessatti kufuun jiruufi jirenya gadadoo, cunqursaa akkasumas mirgi uumamaasaanii irraa molqamuun jaarrra hedduu akka dabarsan taasifamaa tureera.

Dubartoonni biyyoota Awurooppaafi Ameerikaatti argaman sirna dubartootarratti dhiibbaafi hacuuccaa geessisu irratti mormii diddaa garbummaa bifa qinda'eefi bittinnaa'een mormuu qabsoo hadhaawaa gochuun hanga lubbuunsaanii darbutti mirgi dubartootaa akka kabajamuuf jarraa 17th irraa eegalee

falmii taasisaa akka turan seenaan ni ibsa.

Biyyoonni Addunyaa bifaa addaa addatiin Ayyaana dubartootaa ykn March '8' haa kabajan malee kaayyoon isaaniin tokko taasiisu guddaan Dubartoonni mirga siyaasaa, dinagdeefi hawasummaa isaanii akka fayyadamanifi beekamtii kan kennuudha. Finiinsi mormii dubartoota addunyaa yeroo jalqabaaf kabajamuun kan eegale A.L.Awurooppaatti bara 1909 yoo ta'u, biyya Ameerikaatti sirni Sooshaalistii hojjettoota warshaa huccuu keessa hojjetan hojimaata mana hojii sanaa mormuudhaan duula hojii dhaabuutiin mormuurraa akka eegaledha seenaan kan ibsu.

Yeroo murmii eegalan sanatti gaaffiin hojjetoota kanaa:

1. Sa'atiin hojii nuuf haa sirratu.
2. Kaffaltiin haqa qabeessa ta'e nuuf haa kaffalamu
3. Mirgi filachuu keenyaa nuuf haa kabajamu jechuudhaan dubartoonni 15,000 hiriira nagaa ba'anii turan.

Bara 1910 Dhaabbanni "Soshalisti International" jedhamu magaalaa guddittii "Denmark" kessatti walga'iia taasiseen dubartoonni mirga filuufi filatamuun akka argatan guyaan ayyaana dubartoota addunyaa akka kabajamuuf murteesse. Baruma kana konfaransiin marsaa 2nd yeroo geggeffameetti; biyyoota 17 irraa kan walitti dhufan hirmattooni yaadicha fudhachuun guyaa dubartootaa akka jedhamu taasiisan(murteessan).

Waliigaltee bara 1911 taasifameen booda ayyaanni dubartoota addunyaa yeroo jalqabaaf Awustiraaliyya, Jarman, Denmarkifi Siwizerlaanditti March 19th dubartootaafi dhiirota dabalatee MIL 1 ol kan ta'an irratti hirmaantanii turan.

Konfaransii sana booda magaalaa Newuyorkitti waliitti bu'iinsa uumameen hojjeetoota warshaa kan turan dubartoonni 140 du'u irraa kan ka'ee haala yeroofi mirga dubartootaarratti "Ameerika" keessatti seerri akka ba'u tumsi kan biraan akkasumas finiinsichi akka itti fufu taasifameera. Bara 1945 A.L.Atti Gamtaan Motummoota Gamtoomanii yeroo jalqabaaf

walqixxummaa koorniyaa waliigaltee mallateesse.

Akkasumas bara 1954 dhaabanni kun yeroo jalqabaatiif Chaartarii mirgaafi walqixxummaa dhiiraifi dubartootaa sadarkaa addunyaaatti waliigalteen taasiifame. Fooramii Dinagdee Addunyaaas bara 2006 irraa eegalee qaawwa walqixxummaa koorniyaa gidduu jiru hordofaa tureera.

Gabaasi qaawwa walqixxummaa koorniyaa addunyaa kun biyyoota 149 kan hirmaachisu yoo ta'u, walqixxummaa dameewwan afur gurguddoo irratti fooyyessuuf kan hojjeturduha: Dameewwan kunneenis:

- Hirmaannaifi carraa dinagdee
- Barnoota argachuu
- Fayaafi jirenyaafi
- Hirmaanna Siyaasaati

Akka gabaasa Fooramii Dinagdee Addunyaa bara 2021 ba'eetti adduunyaarratti biyyi qaawwa walqixxummaa koorniyaa dhiphisuun dursitu Ayislaandii yoo taatu,


Afriikaa keessatti immoo kan dursitu Ruwaandaadha. Biyyi keenya Itoophiyaan Afriikaa keessaa sadarkaa 39th irratti argamti(World Economic Forum;2021).

Addunyaa keessatti qaawwaan walqixxummaa koorniyaa jidduu jiru amma gara % 68 irra kan jiru yoo ta'u, qaawwa kana guutummatti duuchuuf waggoota 108 fudhatus tilmaamameera.

Dubartoonni Addunyaa kanarra jiran bifaa, sanyiin, afaaniifi amantaan utuu addaan wal-hinqoodin sagalee tokkoon dubbatu. Innis, sadarkaa dinagdeefi garaagarmmaan siyaasaa utuu isaan hin dhorkiin walqixxummaa koorniyaa, haqaaf, misoomaa, nageenyaaifi dimookiraasiif sadarkaa addunyaaatti qabsoon godhameefi bu'an waliin argames kayyoo kana kan dhugoomsedha.

Akka Biyya Itoophiyaatti erga taateen kun akka addunyaaatti kabajamu ni beekamaa jalqabaa waggaota 65 booda ayyaana kana akka biyya kanaatti kabajuun mirgoota dubartootaa kabajamu akka qabu taasisun eegalamee jiru, Hojilee hedduunis hojjatamanii jiru.

Bulchiinsa gaarii mirkaneessuuun dagaagina sirna dimookiraasiitif bu'uura!



Oduu

Baankiin Siinqee hawaasa ...

Musxafaan Kadir wayita deeggarsa kana fuudhan dubbii dubbataniin rakkoo hongee biyyoota gaafa Afrikaa kan akka Keeniyaa, Somaaleefi akka biyya keenyaattis Kibba Bahaa Oromiyaafi kanneen biroo dabalatee Godiina Booranaa hanga Baalee Bahaatti keessatti waqtii roobaa shan osoo hin roobin hafuufi bakka roobettile rooba gahaa roobuu hafuun uummanni rakkof saaxilamu kaasaniiru.

Haata'u malee bara darbeefi barana baay'ee cimee loon jalaa miidhamaa jira kan jedhan Obbo Musxafaan keessatti Godina Booranaa aanaalee 13 keessatti namootni 867140 rakkof saaxilamu ibsaniiru.

Guutummaa Godina Booranaa, Gujii lamaan aanaalee hedduun, Godinni Baalee lamaan aanaaleen gara gammoojji jiran, akkasumas Godinni Arsii lamaan aanaaleen muraasni, walumaa galatti akka Naannoo Oromiyaatti Godiinaalee 9 aanaalee 79 keessatti hongeen mudate kun namoota miiliyoona 3.7 rakkof saaxilamii gargaarsaan kan jiraachaa jiran ta'u Obbo Musxafaan eraniiru.



Mootummaan Naannoo Oromiyaa mootummaa federaalaal waliin qindoominaan uummata kana waggoottan darban kana deeggarsa gochaa jiraachuu eranii, garuummoo hongeen kun waan dabalaa jiruuf hirmaannaan hawaasaa barbaachisaa ta'ee argamuu ibsaniiru.

Kanaaf waamicha uummataaf dhaabbileen

mootummaa, miti mootummaa, dhaabbileen faayinaansii akkasumas ummata maraaf taasifameen yeroo ammaa deeggarsi bal'aan taasifamaa jiraachuu ibsaniii, Baankiin Siinqees deeggarsa qarshii miiliyoona 115 hawaasa Booranaaf kennusaanii galateeffatanii deeggarsi walfakkaatu itti fufuu lammilee keenya baraaruu qabna jedhan.

"Intarpiraayizootni ...

agarsiisan ta'u dubbatan.

Mootummaan rakkoo hiyyummafi duubatti hafummaa biyya kana keessa jiru hiikuuf kallattii adda addaan xiyyeffanno kennee hojjetaa jiraachuu kan dubbatan Pirezidaanti Shimallis, kanaanis waantootni gurguddoon sadii akka danda'amu agarsiifameera kunis tokkoffaa dargagooni keenya carraa kennameetti fayyadamuun jijiiramuu akka danda'an, caasaan mootummaa sadarkaa sadarkaan jiru dinagdee hogganuufi carraa jirutti fayyadamuun jijiiramuu akka danda'amu agarsiisu, hireen biyyi kun qabu guddaa ta'u fa'i jedhan.

Waantotni biyya keenya qora jiran keessaa isaan ijoon aadaa qusannaa xiqaqa qabaachuu, rakkoo hanqina intarpiriinarshiippummaafi seeraan alummaa dha jedhanii kanaaf

waantota kanarratti hojjechuun furuun akka qabaatu eeranii intarpiraayizoota guyyaa har'aa ce'an 1021f Mootummaan Naannoo Oromiyaa deeggarsa barbaadamu hunda taasisuuf qophaa'adha jedhan.

Ministeera Ministira Carraa Hojii Umuufi Ogummaa Aadde Muufriyat Kaamil gamasaaniin

Mootummaan Naannoo Oromiyaa sochii walfakkaataa taasisaa tureera. Har'as yeroo 13ffaa lakkofsa intarpiraayizootaa guddaan dabalee ceesisa jira. Kunimmoo biirichaaf Mootummaan Naannoo Oromiyaa xiyyeffanno cimaa kennaa jiraachuu agarsiisa jedhani, boru intarpiraayizootni har'a ceetan guddattanii abbaa Kaampaanii gurguddaa akka taatan abdiin qaba jedhan.

Horsiifatanii bultoonni ...

gama mootummaafi dhaabbilee garaagaraatiin isanif godhamaa jiru baay'ina maatiisaanii waliin kan wal hin gitne ta'uus dubbataniiru. Qaamni dhimmi ilaalsu rakkosaanii akka furuf gaafataniiru.

Waajjira Buusaa Gonofaa Godina Gujiitti Abbaa Adeemsa Deebiifi Deebisanii Dhaabuu Obbo Boruu Jaldeessaa akka jedhanitti Godinichatti sababa dheerachuu hongeefi rakkoo nageenyattiin hawaasni deggersa garaagaraa

barbaadu yeroo gara yerootti dabalaa jira. Namoonni deggersa barbaadan kuma 500fi kuma 75fi 660 ta'uus dubbataniiru.

Yeroo ammaa dhiyeessiin jiruufi baay'inni namoota gargaarsa barbaadanii kan wal hin gitne waan ta'eef rakkoo gama kanaan jiru furuuf hojjetamaa akka jirus Obbo Boruu himaniiru.

Bulchaan Godina Gujii Obbo Taaddalaa Uddoo gamasaaniitiin hanqina roobaatiin hongeen

aanaalee Gammoojji godinchaa qofa keessa ture waggoottan sadan darbanii eegalee gara Aanaalee Baddadareetti babal'achuusaatiin rakkichi hammaachaa dufuu ibsaniiru. Rakkicha qolachuufis hojjetamaa jira jedhaniiru. Sababa midhaan nyaataafi hongeetiin namni kamiyyuu akka hin miidhamneef qama dhimmi ilaalu waliin xiyyeffannaan hojjetamaa jira kan jedhan ammoo Hogganaa Buusaa Gonofaa Oromiyaa Obbo Musxafaa Kadiri.

**Qoola bunaan gara
cileetti jijiiruun
madda anniisaatiif
akka ooluuf
hojjetamaa jira**

W.K. Godinichaatiin

Yuuniyeeniin oomishtoota buna Oromiyaa qoola bunaan gara cileetti jijiiruun madda anniisaatiif akka ooluuf hojjetaa jiraachuu beeksise.

Yuniyeenichi maashina qoola bunaan gara cileetti jijiiruun sadii dargaggoota godina Baalee aanaa Barbaretti waldaan gurmaa'anif deggersa taasiseera. Dargagooni aanaa Barbarees yaada kennaniin, qoola bunaan duraan naannoo keenyatti gubamu cileetti jijiiruun fayyadamtoota akka taanuuf deggersa Yuuniyeeniin Oomishtoota Bunaa Oromiyaa nuuf taasisetti gammanneerra jedhan.

Bakka bu'an bulchaa aanaa Barbare Obbo Muhammed Hajji akka jedhanitti aanichi oomisha bunaatiin aanaalee godina Baalee keessaa tokko ta'u himuu, qoola bunaan gara cileetti jijiiruun bu'aa barbaadamu agarsiisuuf carraaqqiin yuuniyeeniin oomishtoota bunaan Oromiyaa taasise fakkeenyummaa guddaa kan qabudha jedhan.

Yuuniyeeniin oomishtoota bunaan Oromiyaa itti gaafatamaan kutaa piroojekti Obbo Daanyee Guutaa akka jedhanitti yuuniyeenichi oomishaifi oomishtummaa bunaan dabaluun galii qonnaan bultootaa fooyessuu cinaatti, pirojektiwwan adda addaa bocuun fayyadamummaa hawaasaatiif xiyyeffanno hojjetaa jiraachuu himan.

Yuniyeenichi faalama qilleensaa hambisuun oomishaifi oomishtummaa bunaan dabaluuf hojiin qoola bunaan bu'aatti jijiiruuf aanaa Barbaretti hojjetaa jiru jiruuf agarsiiftu guddadha jedhan.

Hojii geggeessaa olaanaan yuuniyeenii oomishtoota buna Oromiyaa Obbo Dajanee Daadhi gamasaaniitiin qonnaan bultoonni qoola bunaan maqsuuf haalli itti guban faalama qilleensaa kan hordofsiisu ta'u himan.

Keessattuu, qooli bunaan kuufamee yeroo dheeraaf turu waan tortoruus foolinsaa qaama hargansuutiif rakkoo kan uumuu ta'uus ceran. Qoola bunaan madda anniisaati jijiiruun kun ammoo faalama qilleensaa ciroma bosonaa hambisuun cinaatti dargaggoota hojii dhabeeyii aanaa Barbaree 120f carraa hojii kan uume ta'uus dubbatan.

Maashinichi qonnaan bultoonni qoola bunaan maqsuuf baasii baasaa turan kan irraa hambisu ta'uus Obbo Dajaneen himaniiru.

Godina Baaleetti lafti hektara kuma 53 ol oomisha bunaatiin kan uwwfame ta'u ragaan waajjira qonnaa godinichaarraa argame nimul'isa.

Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yerooodhaan sirriitti dhiqadhaa!



“Yesuus Kiristoos” Keeniyichaa rakkoo hamtuun isa mudatte

Biyyoota Gaanfa Afriikaa keessaa tokko kan taateefi amantaan wal qabatee waantonni falmisiisoofi ajaa’ibsiisoo ta’an hedduu kan keessummeessitu Keeniyatti tibba kana oduun dhagaa’ame baayee ajaa’ibsiisaadha jedhameera.

Lammi biyyattii Mu’aliim Yesuu Waah Taangolee jedhamu ani ‘Yesuus Kiristoos isa sirrii bara 2000 dura Yerusaaleemiin tureedha jehuun duuka buutota hedduu horachuu danda’eera.

Namtichi kuni ani barsiisaa isa sirriidha, anatu addunyaa kanatti farada, Waaqayyo anaan gara biyya lafaa kanatti na erge waan ta’eef ana duukaa bu’aa, karaa koon ala karaan jireenyatti geessu kan biraan hin jiru jechuun lallabuufi bakka walitti qabama namootaatti barsiisun qalbii namoota hedduu hawwachuun duuka buutota horateera.

‘Paaster Mu’aliimuun haadha warraa fuudhuun ijoollee saddeet kan horate ta’us ani kiristoos jechuurraa wanti duubatti isa deebise hin jiru. Duuka buutota wayita inni dinqifi raajii hojjetu argineerra jedan kumaatamaan lakkaa’amanii dabaalamee sirna waqaeffannaa raawwachiisa.

Ani masihicha isa addunyaa oolchuuf Waaqa Abbaa bira ergame Kiristoosidha kan ofin jedu Mu’aliim Yesuu Waah Taangolee bartootasaa 12 illee filatee kan qabu yoo ta’u, hordoftoornisa wayita inni cidharratti bishaan gara shaayiiti jijiiru argineerra jedhu.

Hordoftoornisa kumaatamaan lakkaa’aman naannoo Bugmann jedhamutti argaman ayyaana Faasikaa bara kanaa haala adda ta’een kabajanna jechuun saganteefataniiru. Sagaantaansaanii kunis namticha ani masihicha addunyaa kana baraaruf waaqarreea



ergamedhajedhu hedduurifachiiseera. Kaayyoonsaaniis wanti kui dhugaa ta’usaa irkaneeffachuuuf yaadanii kan qophaa’edhas jedhameera.

Paastarii ykn gaggeessaa amantii ani Kiristoosidha jechuun qaamaan isaan gidduu jiraatu kanas dhuguma akkanni jedhu ta’uufi dhiisusaa adda baafachuuuf ayaanichatti fannisuuf murteessaniiru.

Akkaataan raawiisaatiis akkuma Yesuus Kiristoos mukarratti harkiifi miillisaa mismaaraan rukutamee fannifamuun lubbuun keessaa baatee erga awaalameen booda guyyaa sadafaatti du’aa ka’uun mirkanaa’uu qaba murtoo jedhus dabarsaniiru. Kanaafis qophii

barbaachisu jalqabaniiru.

Yadaafi qophee duuka buutotasaati kan argeefi gocha isaanii kanaan yaaddoon kan isa qabate Mu’aliim gara Poolisii biyyattiitti bilbilachuun fannifamurraa akka isaraaraniif iyyateera.

Iyyachuusaa kan dahaaga’an duuka buutonnisa garuu murtoosaaniitti itti fufun hanga xumuratti kan itti deeman ta’uu poolisii kan beeksisan yoo ta’u, amantaasaanii gidduus akka hin seenne qoqqobachuun dhimmichi isaanifi ‘Masihicha Mu’aliim’ gidduutti kan xumuramuu ta’uu beeksisiiri.

Maddi; ODT Seenteraal

Seenaakabaja Ayyaana dubartoontaa . . .

Biyya kanattis, dubartooni karaa siyaa, dinagdeefi hawaasummaatiin biyya keenya Addunyaarratti beeksisaa turtaan hedduudha. Akka seenaan ibsutti dubartooni birmadummaa biyyaa eeguu keessatti keessumaa dubartooni Oromo iddo guddaa qabaachaa turaniiru. Dubartooni lola irrattis beekamaa turan. Fakkeenyaaaf kanneen Baalchaa Saafoo waliin ta’uun waraana geggeessaa turan seenaan kan yaadatu kan akka Aayyolee Baharuufi Giiftii Aabuu faa dubartoota Oromoo seenaan yaadatudha.

Gama Biraatiin seenaafi Afaan Oromoo addunyaarratti beeksisuufi dubartoota hojiilee adda addaatiin seenaan hojjetaa turan heddu kaasuun ni danda’ama. Kanneen keessaa, Asteer Gannoofi Mahabuubaa / Bilillee/kaasuun ni danda’ama.

Seenaan Waggoottan sadan duraas yoo ilaalle, sirna nama nyaataa(wayyaanee) kuffisuu keessattis ga’een



dubartoontaa baayyee olaanaa akka ture waan hundi beekudha. Keessattuu, dubartooni Oromoo ga’ee olaanaa akka qaban kan haalamu miti.

Har’as taanaan dubartooni Oromoo ijaarsa biyyaa

keessatti dinagdee induustiriifi Inveestimantii keessatti biyya keenya Olkaasuu keessatti ga’ee leencaa taphachaa jiru. Keessumaa, gama dameewwan Ispoortiifi Atileetiksii in yoo ilaalle, dubartooni Oromoo maqa biyya kanaa waamsisurra darbanii sadarkaa Addunyaatti qooda olaanaa taphachaa turaniiru, taphachaas jiru. Afrikaa keessaa yeroo jalqabaaf Maraatoonii injifachuun addunyaarratti Itoophiyaa kan beeksisan dubartoota Oromoo keessaa warra akka Pirzidaantii Federeeshiinii Atileetiksii Itoophiyaa kan taate Doktara Kabajaa Koomandar Atileet Daraartuu Tulluufi Atileet Xurunasha Dibaabaafaa ceruun ni danda’ama.

Gama biraatiin dubartooni Oromoo geggeessummaa keessattis haadholii Siinqeerraa hanga geggeesummaa naannoofi biyyaa olaanaatti biyya kana fuudhanii ceesisa jiranis kaasuun ni danda’ama.

(Itti fufa)

Milkaa’inni gama misooma dinagdeetiin galmaa’e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiiniis ni dabalama!

Obbo Xuhaa Yifruu iddo mana jireenyaa magaalaa Matahaaraa ganda 01 keessatti argamuuf kaartaan naaf kennname lakk. isaa J/1893/90 ta'e na jalaa badeera waan ta'eef kaartaan biraa akka naaf hojjetamu hojjatamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu namni kaartaa kana sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksisni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu, yoo kun ta'u baate kaartaa haaraa hojennee kan kenninu ta'u ni beeksifna. W/ Lafaa Bulchiinsa Magalaa Mataaharaa

Obbo Warquu Cimdeessaa iddo mana jireenyaa magaalaa Matahaaraa ganda 01 lakk. kaartaa 1367/2000 ta'e naaf kennname waan na jalaa badeef kaartaa biraa naaf haa hojjetamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu namni ykn dhaabbanni kaartaa kana sababa kamiinuu qabadheera jedhu yoo jiraate beeksisni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu, yoo kun ta'u baate kaartaa haaraa hojennee kan kenninu ta'u ni beeksifna. W/L/B/Magalaa Mataaharaa

Aadde Taaddalchi Mabiraatuu iddo mana jireenyaa magaalaa Matahaaraa ganda 01 lakk. kaartaa m624/96 ta'e kennameef waan jalaa badeef kaartaa biraa akka hojjetamu gaafataniiru. Kanaafuu namni ykn dhaabbanni kaartaa kana sababa kamiinuu qabadheera jedhu yoo jiraatee beeksisni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu, kun ta'u yoo baate kaartaa haaraa hojennee kan kenninuuf ta'u ni beeksifna. W/ Lafaa B/ Magalaa Mataaharaa.

Obbo Habtaamuu Yashiilaa kaartaa iddo mana jireenyaa magaalaa Mataaharaa ganda 01 keessaan qabanii lakk. Isaa 472/99 ta'e waan na alaa badeef kaartaa kan biraan naaf haa hojjetamu jedhaniiru. Kanaafuu namni ykn dhaabbanni kaartaa kana sababa kamiinuu qabadheera jedhu yoo jiraate beeksisni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne kaartaa haaraa hojennee kan kenninu ta'u ni beeksifna. W/L/B/Magalaa Mataaharaa

Obbo Taganyee Baayisaatiif

Aadde Yewubdaar Mokonniniif

B/jirtanitti

Iyyattaa Mitikkuu Amsaaluufi himatamtoota isin jidduu falmii jiru ilaachisee himatamtuu Yewubdaar Mokonnin dhihaattee falmiitti makamtee deebii akka kennituuf waan barbaadamtuuf, mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 01/07/2015 sa'atii 3:30irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/A/M/Buraayyuu

Aadde Naa'oomii Ta'eeraatiif

B/jirtanitti

Falmii Obbo Zawuduu Kibariifi deebii kennituu isin gidduuufi makamaa Obbo Jaarraa Mirreessaa jidduu falmii waa'ee raawwii jiru ilaachisee Makamaan kun beellama gaafa 13/07/2015 waaree dura akka dhiyaatan manni murtii ajajeera. M/M/W/Oromiyaa

Tsahaay Masfin Badhaadhaa kaartaan mana jireenyaa magaalaa Bishoofuu ganda Dirree Jituu (01) keessatti argamuuf lakk. isaa 34/7/2 ta'e balinni lafaa M² 250 irratti argamu waan jalaa badeef kan biraan akka naaf kennamu jedhaniiru. Kanaafnamni sababa ta'een kaartaa kana qabadheera jedhu yoo jiratae beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti yoo hin dhiheessine kaartaan kan biraan bakka buufnee hojjetamee kan kennamuuf ta'u ni beeksifna. W/ B/ L/ Magalaa Bishoofuu

Maqaa Abbaa qabeenya Tafarraa Almauu Ganaatiin kan galmaa'ee jiru konkolaataan lakk. gabateesaa 2-56277 OR Libireen waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhaniii iyyataniiru. Kanaafuu, namni Libiree kana sababa kamiifuu qabadheera jedhu yoo jiratae guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 15 keessatti waajjirichaaf gabaasa akka gootan beeksisaa, yeroo jedhame keessatti yoo dhiyeessuu baattan iyyataaf libiree kan biraan bakka buufnee kan kenninuuf ta'u ni beeksifna. Abbaa Taayita Geejjibaa Bul/Magalaa Walisoo

Caalbaasii bara 2015

Godina Sh/Lixaa Aanaa Midaa Qanyiitti Waajjirri Maallaqaa bara bajataa 2015 sektaroota Aanaa keenya keessaatti argaamaniif:-uffata seeraa, meeshaalee barreeffamaa, meeshaalee qulqullinaa, meeshaalee eleektiironiksii, meeshaalee dhaabbii biiroo keessa, gommaa konkolaataafi motor saayikili, kamanadaarii konkolaataafi motor saayikili caalbaasii ifaatiin wal-dorgomsiisee bitachuu barbaada. Kanaafuu, dorgomtoonni caalbaasii kana irratti hirmaachuu barbaaddan bu'uruma kanaa gaditti ibsameen dhiyaattanii dorgomuu ni dandeessu.

Ulaagaalee dorgommi caalbaasichaaf barbaachisan

1. Dorgomtoonni kallattii hojii daldalasaaniitiin hayyama daldalaa seera qabeessa kan ta'e gibira bara baajata kan kaffalan, Facaatii kenna tajaajilaa keessa raga sanadootaa ittiin galmaa'aniifi ragaa lakkofsa TIN sanada caalbaasii waliin qabsiisanii dhiyeessuu qabu.
2. Dorgomtoonni dhiyaattanii VAT galmaa'uusaaniif ragaa dhiyeeffachuu kan danda'an ta'u qabu.
3. Dorgomtoonni guyyaa beeksifni kun Gaazeexaa Kallacha Oromiyaarratti maxxanfame gaafa 23/06/2015 irraa eegalee sanada caalbaasii qarshii 100/dhibba tokko qofa / kan hin deebine kaffaluudhaan guyyaa hojii 15 keessatti sa'atii hojii hunda Aanaa Midaa Qanyii Waajjira Maallaqaa Biiroo lakk.10 irraa bitachuu ni dandeessu.
4. Dorgomaan kamiyyuu kabachiisa caalbaasiif kan oolu Qar.2000/kuma lama qofa/ maqaa Waajjira Maallaqaa Aanaa Midaa Qanyiittiin CPO baankiin mirkanaa'e sanada orjinala caalbaasicha keessa galchee dhiyeessuu qaba.
5. Mo'ataan caalbaasii mo'achuusaa guyyaa barreeffamaan ibsamee eegalee guyyoota hojii shan keessaatti kabachiisa waliigaltee caalbaasii gatii waliigalaa ittiin mo'ate %10 CPO baankiidaan mirkanaa'e qabachuun mana hojichaa waliin waliigaltee mallatteessuu qaba. Yeroo olitti xuqame keessaatti waliigalticha dhiyaatee yoo raawwachuu baate mo'atummaan caalbaasisaa haqamee maallaqni kabachiisa caalbaasiif qabsiise dhaalamee mootummaaf galii ta'a.
6. Dorgomtoonni sanada caalbaasicha samiin saamsameen orjinaliifi kooppii addaan baasuun guyyaa 23/06/2015ti hanga gaafa guyyaa 13/07/2015 sa'atii 8:00ti WM Aanaa Midaa Qanyii sanduuqa caalbaasii kanaaf qophaa'e keessa galchuu qabu.
7. Caalbaasichi gaafa guyya 14/07/2015 sa'atii 8:30 irratti bakka dorgomtoonni ykn bakka bu'oonnisaaanii argamanitti WM Aanaa Midaa Qanyii Biiroo lakkofsa 2tti ni banama.
8. Mo'ataan caalbaasii meeshaalee mo'ate hunda hanga Waajjira Maallaqaa Aanaa Midaa Qanyiitti dhiyeessuu qaba.
9. Dorgomtoonni dorgommii dhiyaatan Biiroo Maallaqaa Oromiyaatti galmeec dhiyeessitootaarratti kan galmaa'an ta'u qabu.
10. Afaan caalbaasiin ittiin gaggeeffamu Afaan Oromiffaa, Afaan Ingiliffaafi Afaan Amaariffaa ta'a.
11. Daldaloonni kamiyyuu bara 2014 caalbaasii dorgommii mo'ataa sababa garaagaraan osoo meeshaa nuuf hin dhiyeessiin hafan caalbaasii bara 2015 irratti dorgomuu hin danda'an.
12. Waajjirichi filannoo fooyya'aa yoo argate caalbaasicha guutummaan guutuutti ykn gartokkeesa haquudhaaf mirgisaa seeraan kan eegamedha. Odeeffanno dabalataaf Lakk. Bilbilaa, 0925689346/09113777129
- Waajjira Maallaqaa Aanaa Midaa Qanyii Baallammii

Obbo Addisu Ajjamaatiif

B/jirtanitti

Himataa Obbo Dheeressaa Baqqalaafi himatamaa isin jidduu falmii qabeenya dhirsafi niitii jiru ilaachisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 05/07/2015 sa'atii 4:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera. M/M/O/G/Sh/Lixaa

Obbo Mitikkku Bayyanaatiif

B/jirtanitti

M/A/Mirga Sa'aadaa Umariifi M/A/Idaa isin jidduu dhimma falmii sivilii jiru ilaachisee dhimma galmeeraawwii kanaatiif mana murtii kanatti barbaadamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/07/2015 sa'atii 5:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan, manni murtii ajajeera. M/M/A/Magaalaa Adaamaa

Obbo Ahimad Abdulmannaaifi

B/Jirtanitti

Iyyattuu Aliimaa Yaasiniifi waamamaa isin jidduu falmii dhirsafi niitii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 05/07/2015 sa'atii 4:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan, yoo kan hin dhiyaanne ta'e falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta'u manni murtii ajajeera. M/M/Shari'aa/A/Walisoo

Obbo Biyyanaa Taasisatiif

B/Jirtanitti

Himattuu Aadde Taanaan Amanaifi himatamaa isin jidduu falmii dhirsafi niitii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 08/07/2015 sa'atii 5:15irratti adeebii keessan qabattanii akka dhiyaattanii falmattan, manni murtii ajajeera. M/M/A/Magaalaa Buraayyuu

Intarpiraayizii Ijaarsaa Aramaiciif

B/Jirtanitti

R/himataa A/Taayitaa Daandiiwwaniifi A/Daawoofi R/himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaachisee R/Himatamaa kun idaa isiniti murtaa'e qarshii 2,950,496.12 beellama gaafa 04/07/2015 sa'atii 5:00 irratti kaffaltanii xumurtanii akka dhiyaattanii ta'e, yoo hin kaffalle sababa kaffaluu diddaniif dhaddacharratti akka dhiyaattanii ibsit manni murtii ajajeera. M/M/O/G/Sh/K/Lixaa

Aadde Taaddalech Aliyyiif

Bakka Jirtanitti

Iyyataan Obbo Hayiluu Dhugaasaifi Waamamtuun isin jidduu falmii dhirsafi niitii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 1/07/2015 sa'atii 8:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan, manni murtii ajajeera. M/M/A/Walisoo

1^{faa} Warquu H/Giyoorgisiif

2^{faa} Damoozee Ayichiluutiif

3^{faa} Girmaa Buttaatiif

4^{faa} Tamsgeen Dureessaatiif

5^{faa} Abdoo Nuureetiif

6^{faa} Allabbaachoo Saffaatiif

7^{faa} Hayiluu Simeetiif

8^{faa} Taaddasaa Kabbadaatiif

9^{faa} Dhaabbata Ijaarsaa Taaddasaa Kabbadaatiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Biiroo Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaifi himatamaa isin jidduu falmii yakka malaammaltummaa jiru ilaachisee himatamtooni 5^{faa} 7^{faa} mana murtii kanatti himatamu keessan beektanii beellama gaafa 06/07/2015 sa'atii 4:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/O/Magaalaa Shaggard Dhaddacha Yakkaa

Obbo Geetuu Maammoootiif

Bakka Jirtanitti

Iyyataan Sintaayyoo Geetuufi waamamaa isin jidduu waa'ee murtii badisaa jiru ilaachisee waamamaan kun mana murtii kanatti barbaadamuu keessan beektanii beellama gaafa 05/07/2015 sa'atii 8:00irratti akka dhiyaattan beeksisaa, dhiyaachuu baannaan iyyataaf murtiin badinsaa kan kennamuuf ta'u manni murtii ajajeera. M/M/A/Daawoo

1^{ffaa} Gaaddisaa Leenjisaatiif**2^{ffaa} Kiisi Hayiluutif****3^{ffaa} Warquu H/Giyoorgisiif****4^{ffaa} Qanno Baatiriitif****5^{ffaa} Tamsgeen Dureessaatiif****6^{ffaa} Aschaaloo Shawaatiif****7^{ffaa} Indaashawu Mulaatiif****Bakka Jirtanitti**

Himataan Biirro Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaifi himatamaa isin jidduu falmii yakka malaammatummaa jiru ilaachisee himatamtooni 6^{ffaa} fi 7^{ffaa} mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 06/07/2015 sa'atii 4:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/O/Magaalaa Shaggar Dhaddacha Yakkaa

Obbo Gaaddisaa Bokonaatiif**Bakka Jirtanitti**

Himattuun Aadde Wayinsheet Tufaafi M/iyyattuun Aadde Samiiraa Muraadiifi himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 05/07/2015 sa'atii 4:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan, manni murtii ajajeera. M/M/A/Magaalaa L/X/L/Daadhi

Aadde Hayimaanot G/Igzaabiheeriif**B/Jirtanitti**

Iyyataan Obbo Asmaamaawu Kibiratiifi Waamamtuu isin jidduu falmii siviili jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 06/07/2015 sa'atii 8:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Magaalaa Adaamaa

1^{ffaa} Obbo Ahimad Muhaammadiif**2^{ffaa} Obbo Qasim Aagootiif****Bakka Jirtanitti**

Himataa H/Weebilee Fatoofi himatamtoota isin jidduu falmii siviili jiru ilaachisee himatamtooni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/07/2015 sa'atii 8:10 irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Magaalaa Adaamaa

Obbo Maaniyirsawu Abarraatiif**B/ Jirtanitti**

Iyyattuun Aadde Asnaaqach Huseeniifi waamamaa isin jidduu falmii jiru ilaachisee beellama gaafa 7/7/2015 sa'atii 9:30 irratti akka dhiyaattanii falmattan ta'ee, kan hin dhiyaanne yoo ta'e dhimichi bakka isin hin jirretti kan ilaalamu ta'uu manni murtii ajajeera. M/M/A/Magaalaa Sabbataa

Malaakuu Yingasiif**B/jirtanitti**

R/himataan Mulugeetaa Dajaneefi R/himatamaa isin gidduu falmii siviili jiru ilaachisee raawwii himannaa qarshii 49,998.00 itti murtaa'eef waan barbaadamuuf beellama 4/7/2015 sa'atii 3:30 irratti akka dhiyaatu manni murtii ajajeera. M/M/A/Walisoo

Himatamaa 2^{ffaa} Xaasoo Irranaatiif**Bakka jiranitti**

Himattoota Obbo Musxafaa Naasirifi Obbo Baahaaru Raggaasaafi himatamaa isin gidduu falmii waliigaltee jiru ilaachisee mana murtii kanti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/07/2015 sa'atii 5:30 irratti deebii keessan qabattanii akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Magaalaa Buraayyu

Aaddee Efraataa Girmaatiif**Bakka jirtanitti**

Himataa Abiyyii Dinquufi himatamaa isin jidduu falmii siviili dhiraafi nittii jiru ilaachisee himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 8/7/2015 sa'atii 4:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan ta'ee, kan hin falmanne yoo ta'e bakka isii hinjireetii falmiin kan geggeeffamu ta'uu manni murtii ajajeera. M/M/ol'aanaa Godina Addaa Adaamaa

B/B Obbo Mangistuu Injiguu Aadde Shillimee**Kabbadaatiif****B/jirtanitti**

Falmii h/hawaasaa r/mormituu Aadde Kibbituu Didhaafi r/himataa Obbo Mangistuu Injiguu, b/b isiniifi gidduufi r/himatamaan Obbo Baanjaa Gaddafaa gidduu himannaa raawwii jiru ilaachisee bakka buutun R/himataa akka barbaadaman beekanii beellama gaafa 11/07/2015 sa'atii 5:00tti akka dhiyaatan manni murtii ajajeera. M/M/A/Meetaa Roobii

Obbo Yohaannis Gaddafaatiif**Bakka jiraniitti**

Himataa Shaambal Taaddasaafi himatamaa isin gidduu falmii qarshii jiru ilaachisee himtamaan mana murtii kanatti himatamuusaanii beekanii beellama gaafa 6/7/2015ti sa'atti 4:30 irratti akka dhiyaatan Manni Murtii ajajeera. M/M/A/Giraar Jaarsoo

Iteeneesh Ayyalaatiif**Bakka jirtanitti**

Iyyattuun Afurwarq Girmaafi waamamtuu isin gidduu falmii dhiraafi niiti jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 06/07/2015 sa'atii 8:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/A/M/Sabbataa

Eeermiyaas Bayyanaatiif**B/jirtanitti**

Himataa Taammiraat Baqqalaafi himatamaa isin gidduu falmii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/07/2015 sa'atii 4:00 irratti dhiyaachuu hayyamiisa akka gaafattan ta'ee, yoo hin dhiyaanne mirgi kun bira darbamee himata dhiyaateen murtiin kan kennamu ta'uu manni murtii ajajeera. M/M/A/Amboo

Ibsaa Masaratiif**B/jirtanitti**

Himattuu Jamaanash Lammaafi himatamaa isin gidduu falmii siviili jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 6/7/2015 sa'aa 4:00 irratti dhihaattanii akka falmattan Manni Murtii ajajeera. M/M/A/M/Adaamaa

Obbo Kadiir Aliyyiitiif**Bakka Jirtanitti**

Himattuun Aadde Oromiyaa Mahaammadiifi himatamaa isin jidduu falmii siviili jiru ilaachisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 01/07/2015 sa'atii 8:00 irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera. M/M/A/Magaalaa Adaamaa

Mana Amantaa Luuturaan Ba Itoophiyaa jiraataa Magaalaa Baatuu ganda Malkaa Wafiqoo keessa kan ta'an waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa iddo manna Amantaa Lakk. Kaartaa isaa 151A/1982/89 ta'e waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatan ibsa, dhiyaachuu baannaan abbaa dhimmaa kanaaf tajaajila barbaadan nagahee kophidhaan kan keessummeessinu ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Amboo.

Waldaa Hojii Gamtaa Mana Jirrenyaa Qaanqee I/G Murtaa'e Miseensa ykn qooda qabaataa kan ta'e Obbo Amante naggasaa Nagahee kaffaltii duraa kan ittiin raawwatan Lakk. Isaa 0944322 ta'e najalaa bade jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni nagahee kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate guyyaa 20 keessatti akka deebisu, yoo kun ta'uu baate kan duraanii akka badetti tilmaamamee haftee orijinalaa faayila keessa jiru iraa kophiin kan kennamuuf ta'uu ni beeksifna. B/M/Shaggaritti Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Galaan.

Gammachuu Ashiim Magaalaa Adaamaa gandaa Hangaatuu keessaa iddo qabaniif Warqaan ragaa qabiyyee iddo Lakk. Kaartaa 10600/2001 ta'een galmaa'ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun baherra eeggalee guyyaa 30 keessatti dhiyaachuu akka beeksisu ibsa, yoo dhiyaachuu baattan ragaa kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Daabeetti Deeski Lafa Ganda Hangaatuu.

Aadde Tanaanyee Asaffaa Daamxee mana jirenyaa Magaalaa Sirxii keessatti argamu kaartaa Lakk. isaa 992/2001 kan ta'een galmaa'ee kennameef waan na jalaa bade jedhanii ragaa bade kan bakka bu'ee akka kenniuuf waajjira keenya gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti dhiyaachuu yoo baatee kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Itti Fayyadama Lafa Magaalaa Sirxii.

Obbo Girmaa Yaddasaa Nagahee Lakk. isaa 386336 ta'ee kutaala magaalaa Galaan Guddaa keessatti galmaa'ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, ragaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eeggalee guyyaa 30 keessatti toftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa abbaa qabiyyee (kaartaa) kan biroo baafachuu kan danda'an ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

Aadde Balaayinash Gabbisaa kaartaa mana jirenyaa Magaalaa Adaamaa Ganda Gaaroo keessaa Lakk. kaartaa isaa 5239/95 ta'ee maqaasaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kannaafuu, namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eeggalee guyyaa 20 keessatti dhiyaachuuudhaan akka beeksistan ibsa. yoo dhiyaachuu baattan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adaamaa.

Kom. Kafanii Gonfaa Dabalaa jiraataa magaalaa Amboo kan ta'an ganda Horaa Ayeetuu keessatti Kaartaa Lakk. isaa B/M/A/2264/92 ta'e maqaasaaniitiin galmaa'ee kennameef orijinali harka isaanii jiru waan na jalaa bade jedhanii ragaa bade kan bakka bu'ee akka kenniuuf waajjira keenya gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni nagalcha ykn na ilaallata jedhu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20 keessatti dhiyaachuu yoo baatee ragaa bade kana bakka buufnee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Bulchiinsaifi Itti Fayyadama Lafa Magaalaa Amboo.

Obbo Mangistuu Galaan Nagahee iddo mana jirenyaa Lakk. isaa 964204fi 964256 kan ta'e maqa Obbo Muussee Fissaayee Niri'ayoon galmaa'ee keennameef na jalaa bade jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, anmni nagahee kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatan ibsa, dhiyaachuu baannaan abbaa dhimmaa kanaaf tajaajila barbaadan nagahee kophidhaan kan keessummeessinu ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Duukam.

Obbo Mahaammad Adam Muhee mana daldala Magaalaa Hoolotaa ganda Burqaa Harbuu keessatti galmaa'ee naaf kenname Lakk. kaartaa isaa WBIFL/9795/2014 ta'e waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate ragaa kun haqamee kan biraa bakka buufnee kan biraa kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Hoolotaa.

Obbo Sayid Huseen H/Huseen mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa ganda Bokkuu keessaa Lakk.kaartaa isaa 0085/04 ta'e maqaa isaaniitiin galmaa'ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eeggale guyyaa 20 keessatti dhiyaachuudhaan akka beeksistan ibsaa.yoo dhiyaachuu baattan kaartaa kan biraan bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Adaamaa.

Obbo Fiqiree Taganyi waraqaa abbaa qabeenyummaa iddo manaa daldalaa Lakk. Kaartaa isaa 11/290/82 ta'e Magaalaa Baatuu ganda Battallee keessaa qaban waan jalaa badeef kan biraan bakka bu'ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaan qabate yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyeessu. Kan mormu yoo hin dhiyaanne kaartaa kan biroo bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Baatuu.

Obbo Tashomaa Baalaachaw Magaalaa Bishooftuu ganda D/Jituu (01) keessatti Lakk.Kaartaa Ge/M1/B6/G/R7 ta'een bali ina isaa M²58.04 kan ta'e irratti manaa argamu kaartaan harka isaanii jiru waan jalaa badeef kaartaan kan biraan bakka bu'ee akka kennamuuf waan nu gaafaataniif. Qaamni kaartaa kana idaadhaan ykn dhimma biraatiif qabate yoo jiraate,guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 21 keessatti akka deebisuu fi qaamaan dhiyaate ibsu beeksisaa, kun ta'u baannan kaartaa kan biraan hojjannee abbaa dhimma kanaatiif bakka buufnee kan kenniuuf ta'u ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Bishooftuu.

1^{ffaa} Ifaa Girmaatiif

2^{ffaa} Abarraa Beeksisaatiif

Bakka Jirtanitti

Oliyyataan Industrii Koomersii Marsiimoyiifi Deebii kennitoota isin jidduu falmii H/Hawaasaa jiru ilaachisee deebii kennitoon falmiif beellama gaafa 11/07/2015 sa'atii 8:00irratti akka dhiyaattanii falmattan ta'ee, kan hin dhiyaanne yoo ta'e dhimmichi iddo isin hin jirretti kan ilaalamu ta'u manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Shaggar.

Filmoon Boggaalaatiif

B/jirtanitti

M/A/Mirgaa Dhaabbata Inshuuraansii Itoophiyaafi M/A/Idaa Filmoon Boggaalaa jidduu falmii raawwii jiru ilaachisee mana murtii kanatti himannaan barbaadamuu keessan beektanii akkataa murtiin kennameen raawwattanii beellama gaafa 04/07/2015 waaree dura sa'atii 4:00 irratti akka dhiyaattan ni beeksifna. M/M/O/G/A/Adaamaa.

2^{ffaa} Obbo Muhammed Ahimadi Arabuuf

Bakka Jirtanitti

Himataan Daadhii Shuumiifi Himatamtoota Immabeet Yilmaa fa'a N-2 jidduu falmii siviili jiru ilaachisee himatamaa 2^{ffaa}n mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/07/2015 sa'atii 4:00irratti akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Magaalaa Adaamaa.

1^{ffaa} Obbo Ahimad Muhaammadiif

2^{ffaa} Obbo Qasim Aagootiif

Bakka Jirtanitti

Himataan H/Weebilee Fatoofi Himatamtoota isin jidduu falmii siviili jiru ilaachisee himatamtooni kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 04/07/2015 sa'atii 8:10irratti akka dhiyaattanii falmattan, manni murtii ajajeera.M/M/A/Magaalaa Adaamaa.

Wallagga

Caalbaasi

Waajjirri Mallaaqaa Aanaa Jimmaa Arjoo bara bajetaa 2015 keessa meeshaalee galma guddaa kan oluutaa'umsaafi meeshaalee elektirooniksii Waajjira Bulchiinsa Aanaaf Caalbaasii ifaan dorgomisiisee bituu barbaada. Kanaafuu, daldaltonni ulaagaalee armaan gadii guuttan dorgomuu ni dandeessu.

- Eeyyama seera qabeessaa meeshaalee kanaa wajjin wal-fakkaatu kan qabuu, gibira bara 2015 kan kaffaleefi VAT'f galmaa'ee eyyama kan haareffate.
- Sanada caalbaasii kanaaf qophaa'e Qarshii hindeebine 150(dhibba tokkoof shantama) kafaluun Waajjira Galiiwanii Aanaa Jimmaa Arjoo irraa kan bitatu.
- Caalbaasii kanaaf kan bachiisan caal-baasii (CPO) qofaa qarshii 10,000(kuma kudhan) baankii beekamaa irraa kan dhiyaatu yoo ta'u, qaama mo'atameef yeruma sana kan deebi'u ta'a.
- Dorgomaan meeshaa mo'ate akkaataa dizaayiniif specification jedhameen kan hin dhiyeessine yoo ta'e, yeruma sana fudhatee ni deebi'a.
- Guyyaa beeksifni kun ba'erra eegalee dorgomaan poostaa gagaadhaan saamsamee waraabbiifi orijinaala poostaa adda addaatiin Guyyaa 15ffa sa'atii hojii mootummaatti sanduuqa Waajjira Maallaqaa lakk. 7tti argamutti galchuu qaba.
- Saanduqni caalbaasii guyyaa jedhame kana gaafa guyyaa(16ffa)ti bakka dorgomaan ykn bakka bu'iinsa seeraan kan dorgoman bakka buufate argames argamu baates waaree booda sa'atii 8:00 irratti ni banama. Saanduqni Caal-baasii erga saamsamee ykn erga banamee sanadni caalbaasii dhiyaatu kamiyyuu fudhatama hin qabu.
- Meeshaalee mo'ate qulqullina isaa eeguudhaan baasii mataa isaatiin kuusaa Waajjira Maallaqaa Aanaa Jimmaa Arjotti galii gochuun maallaqa issaa kan fudhatu ta'a.
- Waajjirichi karaa fooyya'aa yoo argate caal-baasicha guutummaatti ykn gar-tokkeen haquuf mirga guutuu qaba.
- Waajjir meeshaa dhiyaatu irratti persentii 25 irraa hir'isuu ykn irratti dabaluu ni danda'a.
- Dorgomtoonni caalbaasii meeshaa mo'atan dhiyeessuu fuula dura Waajjira Mallaqaa Aanaa Jimmaa Arjotti qaamaan dhiyaachuu ykn bakka bu'oota seera qabeessa kan isaanii erguun walii galtee uumuun mallatessuu qabu.

**Odeeffanno dabalaataaf
0576670014/0576670028'n bilbilu dandeessu.
Waajjirri Maallaqaa Aanaa Jimmaa Arjoo**

Bakka Bu'aa Obbo Indaayilaaluu Guutamaa Birbir kan tahan aadde Yaalii Indaayilaaluu Guutamaa mana daldalaa Magaalaa Dambi Dolloo ganda Biiftuu keessatti kan argamu Lakk. Kaartaa isaa 7518/WMM/M 2009 ta'e balli'ina lafaa 123.5M² ta'e irratti argamu Obbo Indaayilaaluu Guutamaa Birbiriin galmaa'ee kan beekamu Obbo Caalaa Qannootti akka jijiiramuuf. Dhimma kan kan mormu yoo jiraates guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo.

Maskaraam Mirkanan Waaqjiraa mana jireenyaa magaalaa Najjoo ganda 04 keessatti kan argamu Lakk mana Kaaraa 04-0479 lakk. mana durii lakk. Kaartaa 1983/2009 kan ta'e Obbo Maarqos Beekumaa Tarfaatti gurgurachuu, waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksisa kun bahee guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Maagaalaa Najjoo

Iddirii Magaalaa Boonda'oo mana Lakk. 450 ta'e Obbo Amanuu Margaaatti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 gidduutti haa dhiyaatu. Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Boondawoo Suchii.

Obbo Lidetu Tamaseen Godina Wallagga Bahaa Aanaa Guutoor Giddaa Ganda Meexxii iddo Tulluu Meexxii jedhamutti hojii hayyama qorannoo albuudaa "Granite" nu gaafatee jira. Kanaafuu, kan mormu yoo jiraate daangaa ji oogiraafik koordinetii lafichaa armaan gaditti ibsamerratti beeksifni kun bahee guyyaa hojii 7 keessatti barreeffamaan Abbaa Taayitaa keenyaaf akka dhiyeessu beeksifna.

BM	Easting (UTM)	Northing (UTM)
1	234327	1045564
2	235199	1047317
3	234450	1047451
4	233691	1045892

Abbaa Taayitaa Misoomaa Albuudaa Oromiyaa

Aadde Ijjiayyoo Tafarraa mana Jireenyaa dhuunfaasaanii Magaalaa Biilaa ganda 02 keessaa qaban Obbo Yoseef Aagumaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 gidduutti haa dhiyaatu.Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Biilaa.

Obbo Gammadaa Hirphaa mana Jireenyaa dhuunfaasaanii Magaalaa Biilaa ganda 02 keessaa qaban Obbo Abbashuu Aagaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 gidduutti haa dhiyaatu.Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Biilaa.

Gamulee Wandimmuu B/B Amaaree Mokonnin mana jireenyaa Magaalaa Aayiraa ganda 02 keessaa qaban Lakk. Isaa 05269/2014 ta'w Addunyaa Uumataatti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 asitti haa dhiyaatu.Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Aayiraa.

Obbo Kadir Ruudaa mana Lakk. 345 ta'e Obbo Ayyaanoo Kitilootti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 gidduutti haa dhiyaatu.Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Boondawoo Suchii

Obbo Hundasaa Hambiisaa Magaalaa Bondawoo keessaa qaban kan isaa Lakk. 525 ta'e Obbo Gammachiis Lamuutti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 gidduutti haa dhiyaatu.Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Boondawoo Suchii

Aadde Yaadatee Daggafaa mana Lakk. Isaa 112/2008 ta'eefi Lakk. Kaartaa isaa 418/WBIFLMA ta'e kan Magaalaa Aayiraa ganda 02 keessaa qaban ta'e Obbo Roobeeraa Hambisaatti gurguradheer waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20gidduutti haa dhiyaatu.Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Aayiraa.

Aadde Masarat Alamu B/B Ambaayee Ayyaanee mana Magaalaa Aayiraa keessaa qaban kan Lakk mana.isaa 88/82 ta'e Aadde Baashaatuu Ambaayeetiif kenneeraa waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20gidduutti haa dhiyaatu.Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Aayiraa.

Obbo Takiluu Waakkenne mana Magaalaa Aayiraa ganda 02 keessaa qaban kan Lakk. Isaa 1957/2004 ta'e Waldaa Rehoobot T/W//I/Atti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 gidduutti haa dhiyaatu.Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Aayiraa.

Obbo Mangashaa Namarraa mana daldalaa lakk.isaa 426, lakk.kaartaa isaa Bul/Mag/Gul/159/2015 ta'ee bal'innisaa M² 116 irratti magaalaa Gullisoo ganda 02 keessaa qaban Obbo Guutuu Mangashaaif kennuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti haa dhiyaatu. B/M/ Gullisoo

Aadde Siinqee Argaa mana jireenyaa Lakk.kaartaa isaa 1028Llmhs/2015 ta'ee Aanaa Daallee Sadii Magaalaa Haroo Sabbuu ganda 01 keessaa lafa bali`innisaa karee meetira M²103.35 irratti argamu Obbo Taarikuu Bultumiif kennuu barbaadaniif maqaan akka jijiiramuuf waan gaafataniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa H/Sabbuu.

Obbo Daamxoo Alamuu mana jireenyaa Aanaa Daallee Sadii Magaalaa Haroo Sabbuu ganda 02 keessatti argamu kan Lakk. Kaartaa isaa 2010/LMHS/2015 ta'ee bali`inni isaa karee meetira M²105 irratti argamu Aadde Saalilish Daamxootiif kennuufii waan barbaadaniif gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa H/Sabbuu.

Aadde Ayyaantuu Zakkaariyas mana Magaalaa Aayiraa ganda 02 keessaa qaban kan Lakk. Isaa 254 ta'ee Obbo Hasan Daaqaatti gurguradheera waan jedhaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojji 20 gidduutti haa dhiyaatu.Waajjira Bulchiinsaafi Itti Fayyadama Lafa Magaalaa Aayiraa.

Obbo Abdataa Baqqalaa Guddatoo mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 04 keessaa qaban Lakk. Manaa haaraan 04-1450 ta'eefi Lakk.Kaartaa isaa 2184/2009 ta'ee Obbo Amantee Indaluu Baqqalaati gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.

Aadde Eebbisee Haayiluu Gurmuu mana jireenyaa Magaalaa Biilaan ganda 02 keessaa qaban Damee Indaluutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 30 gidduutti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Biilaan.

Obbo Jabeessaa Uummataa mana Magaalaa Dabbasoo ganda 02 keessaa qaban lafa kaaremeetira 200 irra jiru Gaaddisa Dheeressaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Yoo hin dhiyaanne maqaan na naanna'u ta'uu beeksifna. beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Dabbasoo.

Aadde Masarat Taaffasee kan jedhaman jiraataa Godina Wallaggaa Lixaa A/Gulliso Bulchiinsa Magala Gullisoo ganda 02 kan ta'an mana jireenyaa lakk. Isaa 1166 kan ta'eefi lakk. kaartaa B/M/Gul/727/09 kan ta'ee guyyaa 27/11/2009 bulchiina Magalaan Gullisootiin kaartaa hoijetamee Aadde Masarat Taaffaseetiif kennameerra. Haata'u malee, mana kana Baankiin Daldalaa Itoophiyaa Damee Gullisoofi R/himatamaan Tasfaayee Siisaayii N-3 gidduu falmii siiviiliid giduu jiuuf mana kana sababa idaa Baankiittiin jecha galmee lakk. 192/95 Guyyaa 09/06/96 R/Himatamaatti murtaa'een R/himattuu ajaja mana murtii kabachifattee kan ture tilmaamni isaa qarshii 210,000 kan ta'ee bu'uura murtii Mana murtii walii galaa Oromiyaa dhaddacha dhaabbi Lixaa galmee Lakk. 209/66 guyyaa 6/4/2009 murteessaaniin R/Gidduu seentun Aadde Masart Taffasee ga'ee Abbaa warraasaanii R/Himatamaa qarhsii 105,000 kaffaltee manicha dhuunfattee manicharratti abbaa qabeenya taateetti waan ta'eef gara maqaa gidduu sentuu Aadde Masarat Taaffaseetti walakkaa mana lakk. 1166 ta'ee karee 760 bakka lamatti qoodamee kaareen 380 maqaa Adde Masarat Taaffaseetti akka jijiiramu, Kaareen 380 immoo maqaa Aadde Gannat Tasfaayetti akka galmaa'u Manni murtii dhaddacha dhaabbiil Lixaa Oromiyaa guyyaa gaafa 6/4/2010 murteessee jira. Kanaafuu, Aadde Masarat Taaffasee mana lakk. isaa 1166 ta'eefi Lakk. Kaartaa isaa B/M/Gul/727/09 guyyaa gaafa 27/11/2009 Bulchiinsa Magalaan Gullisoon hoijetamee isiif kennamee ture. Yoo akka kana immoo manni kun bakka lammatti qoodamee abbaa qabiyyeef kaarta haaraan hojetamee kennamuu waan qabuuf kaartaa harka keessan irraa jiru deebistanii akka galchistan isin beeksifna. Bul/Magaalaa Guulisoo.

Obbo Kibiroom Warqaalammaawu Magaalaa Naqamtee Kutaa Bulchiinsa Calalaqii ragaa kusaa mana jojii keenya keesaa qaban yeroof aargamuu waan hindandeenyef Aabbaan qabiyyeef kun tajaajila jijirraa maqaa raawatamee ragaa abbaa qabiyyummaa fudhachuu waan barbaadaniif akka tajaajila argataniif iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabatee jiru yoo jiraate, beeksifni kun gaafa bahee kaasee guyyaa 20 keessatti qabattanii dhiyaachuu yoo baattan kaartaa mana jireenyaa haaraa hojjannee bakka buufnee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee.

Aadde Ayyaantuu Immiruu kan jedhaman Godina Wallaggaa Bahaa Aanaa Leeqaa Duullachaa Ganda Badhoo iddo Qorshii jedhamutti hojii hayyama qorannoo albuudaa Dhagaa Cilee "Coal" akka kennamuuf gaafataniif waan jiraniif kan mormu yoo jiraate daangaa ji'ogiraafik koordineetii lafichaa armaan gaditti ibsamee jiru irratti beeksifni kun bahee guyyaa hojji 7 keessatti barreeffamaan Abbaa Taayita keenya akka dhiyeessitan ni beeksifna.

BM	Easting(UTM)	Northing(UTM)
1	213459	973484
2	212777	976341
3	212512	978204
4	213570	978403

Abbaa Tayitaa Misooma Albuddaa Oromiyaa

Aadde Duulee Qixxaataa Kabaa Magaalaa Najjoo ganda 02 keessatti kan argamu mana Lakk. Haaraan 02-1895 Lakk. Mana durii Lakk Kaartaa 411/2005 IMM ta'ee Obbo Baacaa Indaluu Tafarraatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksisa gaazexaa kun bahee hanga guyyaa 20 gidduutti haadhiyaatu.Waajjira Lafaa Maagaalaa Najjoo.

Dhaaltoota B/Sa Maammoo Beezaa Magaalaa Naqamtee Kutaa Bulchiinsa Dargee ganda 02 ragaa kusaa mana hojii keenya keesaa qaban yeroof aargamuu waan hindandeenyef Aabbaa qabiyyeef kun tajaajila jijirraa maqaa raawatamee ragaa abbaa qabiyyummaa fudhachuu waan barbaadaniif akka tajaajila argataniif iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabatee jiru yoo jiraate, beeksifni kun gaafa bahee kaasee guyyaa 30 keessatti qabattanii dhiyaachuu yoo baattan kaartaa mana jireenyaa haaraa hojjannee bakka buufnee kan kenniuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Naqamtee.

Obbo Abarraa Olaanii Waaqjiira mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 01 keessaa qaban Lakk. haaraan 01-0370 Lakk. Kaartaa isaa 1770/2008 kan ta'ee Aadde Daraartuu Faqqadee Tasisaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.

Obbo Kibiruu Yemaanee Tarfaasaa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 04 keessaa qaban Lakk. Kaartaasaa 435/2005 I.M.M ta'ee Obbo Abbabee Kabbadaa Garbaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.

Obbo Eebbisaa Ifaa Leencoo mana jireenyaa Magaalaa Jaarsoo Gabaa Dafinoo ganda 02 keessatti bal`inni lafa 200M² irratti argamu Obbo Amantee Irraandhufaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 gidduutti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Mana Qopheessa Jaarsoo Gabaa Dafinoo.

Aadde Raawwii Dirribaa Ayyaanaa mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa GK-02/182/15 ta'e bal'ina lafaa 200M² irra jiru Obbo Araarsaa Gabbisa Alittootti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Obbo Dirribaa Ayyanaa mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa GK-02/178/2015 ta'e bali`ina lafaa 200M² irra jiru Obbo BeekamaA Wangeelu Tashoomaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Obbo Taarikuu Dhinee Oliiqaa mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa GK-01/158/2015 ta'e bali`ina lafaa 200M² irra jiru B/saa Tigistuu Daaqaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Aadde Kadijja Abirhaam Kadir mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa GK-01/180/2015 ta'e bali`ina lafaa 200M² irra jiru Obbo Tarfaasaa Raaga Aachuutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.

Aadde Xajjituu Rufi Alabee mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa GK-01/156/2015 ta'e bali`ina lafaa 200M² irra jiru Obbo Kabaa Kumsaa Dinkootti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.


Lu/Mokonnon Araarsoo mana jireenyaa Magaalaa Biilaan ganda 01 keessaa qaban Aadde Sifooraa Maatiwoositti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 gidduutti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Biilaan.

Obbo Guutamaa Uummataa mana jireenyaa Magaalaa Biilaan ganda 01 Lakk.kaartaa 0506 kan ta'ee Luba Galataa Taaffaseetti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 gidduutti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Biilaan.

Obbo Kaasaahuun Boggaalee Mokoniiniifi Aawaxxaash Buzaayyoo mana jireenyaa Magaalaa Gimbi ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa Kar/002/1869/99 ta'e bali`inni isaa 220m² irratti argamu dabarsanii Aadde Tihuun Fiixumaatti waan gurgurataniiif maqaan akka jijiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbi.

Obbo Yohaannis Simaachoo mana Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa maqasaaniin galmaa'ee jiru bal`ina lafaa kaaremetira m² 200 irra jiru Bashaa Guddinaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaatiin akkaataa labsii liizii lafa magaalaa lakk. 721/2004tiin jijiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta'uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Dabbasoo.

Aadde Malkituu Taasisaa mana jireenyaa magaalaa Qeebbee ganda Guddattuu Qeebbee keessaa qaban lakk. kaartaasaa 1298 W/Bu/L/M/Q ta'ee bal`innisaa M²420 ta'ee Obbo Asmaaree Asootiff waan kennaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa M/Qeebbee



Raashfoord- hagabuu buluu hanga kumaatama sooruutti

Bara kana kilaba isaa Maanchister Yuunaayitid keessatti gahumsa agarsiisaa jiruufi gooliwwan hedduu lakkofsisuun rikardii isaa kan bara 2019-20 galmeesse fooyesseera. Raashfoordi kitaaba ijoollee akka ofitti amanamummaan isaanii dabalu godhuufi akkaan gurgurameefi maallaqnisas hojii tola ooltummaaf akka oolu taasifame 'You Are a Champion', jedhus barreesseera.

Raashfoordi tapha kubba miilaan cinatti hojii tola ooltummaa gargaarsa namummaaf dursa kan kenuu, jirenya ofii keessa darbe daa'imman kaan akka hin mudanne hojiin kan agarsiseefi kubba miilaan qofa osoo hin taane ijoollee beela'an sooruurrattis bobba'ee jirudha.

Daa'imman mana barnootaatti akka nyaata argatan duula gaggeessuun kan beekamu Raashfoordi UK keessatti barattoonni kuma dhibbaan lakkaa'aman akka gargaaraman godheera.

Haati Raashoordi Aadde Lilaanii Raashfoordi miidiya turtii 'Goal sport' waliin taasisan irratti haala jirenyaa ulfaataa keessa darban dubbataniiru.

"Ilmikoo Maarkes Raasfoordi mana naaf bite. Guyyaa tokko qofaakoo kutaakoo galee taa'een isa durii yaadadhee boo'a. Sababnisa eessaa akka dhufnen yaadadha.

"Guyyaa itti daabboo tokkittii mana keessaa dhabnee osoo hin nyaatiin bulle jira ture. Kana dubbachuu baay'ee ulfaatus dhugaan jirenya keenyaa kana ture," jedhani.

Haati Raashfoordi magaalaa Maanchister keessatti miindaan xiqqoo argataniin qofasaanii ijoollee isaanii shan guddisaat turan. Raashfoordi hiyyummaan anaan midhe daa'imman kaan argachuu hin qabu jechuu duula gaggeessaa ture.

Raashfoordi carraa abbaafi haadhasaa waliin guddachuu hin arganne. Haatisaa obbolaa isaa biroo afur waliin qofaa isaanii isaan guddisan.

Odeeffannooleen marsariittii adda addaa akka agarsiisanitti ammoo harmeen Raashfoordi Meelaanii Maynaardi jedhaman, ijoollee isaanii shanan miindaan xiqqoo argataniin ture kan guddisan.

Hojii isaanii kaasherii ykn qabduu maallaqaa yoo tahu, jirenya mo'achuuf bakka adda addatiis hojii dabalataa akka hojjetan odeeffannooleen ni addeesu.

Jirenyi magaalaa Maanchister keessaa salphaa miti. Ijoollee isaanii guyyaatti si'a sadii sooruun hedduu itti ulfaata ture. Raashfoordi yeroo ijolleen harka qalleeyyi akka sooramaniif duula gaggeessaa ture ofii isaa guyyaan itti daabboo cabduu mana dhaban akka ture yaadachuu dubbataa ture.

Aadde Meelaanii sagantaa 'TV BBC Breakfast' jedhamurratti yaada kennaniin:

"Yeroo tokko barbaadeen hojii sadii argadhe, yoon hojii kana hin hojjedhu tahe waanuma bilcheesinee nyaannuyuu hin argannu. Baay'ee ulfaataa ture. Al tokko tokko daabboo cabduuyyu mana keessaa yeroon dhabnu tureera. Kana dubbachuu nama qaansuu mala, garuu haala akkasi keessa dorbine"

Guyyaa tokko ofii isaanii osoo hin nyaatiin oolani bulanii waan mana keessa jirtu ijoollee isaanii kenuu ture. Gaafa innumtuu dhibemimoo mana hiriyyoota ykn fira isaanii deemanii ija jabaatanii gaafachuu nyaata argatan ijollees isaanii kennaakka turanis himaniiru.

Raashfoordi daa'ima waggaa afurii tahee qe'ee maatiisa keessatti obbolootasaa wlaiin kubbaa taphachuu jalqabe. Harmeesaa akka ijolleec kaanii ilma isaaniiif meeshaa tapha ijolleec bituufi hin danda'an ture. Garuu akkasumas tahee kubba adii isarraa adda hin bane maqaasaa irratti barreeffateef 'Rashford Ball' jettu adda hin bane tokko qaba ture.



Kanarraa kan ka'e jaallalliifi dandeettiin kubbaa miilaan inni qabu yeroodhaa gara yerootti guddachaa deemuun qalbii namootaa mandara keessa jiraatanii booji'uu danda'ee ture.

Daandeettiin ilmasanii fagoo gahuu akka danda'u kan hubatan haatisaa gara giddugala shaakala kubbaa miilaasaa guddifachuu qabu qofa osoo hin taane, abbaasaa isa dhalcheefi haadhasaa waliin adda bahanilee achi keessatti wal arguus danda'eera. Abbaansa achi keessatti leenjisaa turan.

Giddu galicha keessattis karra eegaa ta'uun ture kan shaakallii eegale. Karra eegaa Maanchister Yuunaayitid yeroo sanaa Tiim Howaardiin hedduu dinqisiifata ture. Bakka kanatti Raashfoord carraa dandeetti kubbaa miilaasaa guddifachuu qabu qofa osoo hin taane, abbaasaa isa dhalcheefi haadhasaa waliin adda bahanilee achi keessatti wal arguus danda'eera. Abbaansa achi keessatti leenjisaa turan.

Haala Kanaan kan eegale imalli kubbaa miilaan Raashfoord dandeettiifi jaallali kubbaa miilaaf qabu ija ogessota guddattoota kilaboota bebbeekamoof calalanii keessa seene.

Giddu gala kana keessaa taphatoonni kanneen akka Jeesee Liingardi, Daanii Weelbeek, Wes Biraawonfaa bahaniiru. Hundinuu akka carraa ta'ee Maan Yuunaayitidiif taphataanii kan darbanidha. Raashfoord wayita carraa kilaba bekamaa seenuu argatetti jalqaba guyyota muraasaf Maanchister Siittii keessatti shaakala hojjeteera.

Obbolaan isaa dandeetti gaarii waan qabduuf kilaba guddaa galuu qabda jechuu gaaffi Liiverpuuliif Everta fudhachuu diduun Maanchister Yuunaayitid akka galu taasian.

Maarkes gatii geejibaa waan hin qaneef guyyaa tokko tokko waan ittiin deemu dhabees shaakala irraa hafaa tureera. Hatiifi obboleessisa hangaafaa jabaatanii hojjechuun waan argataniin isaa kaffalu ture.

Bu'aa ba'ii jirenyaa kana fakkaatu keessa kan darbe taphataan sarara fuulduraa Maanchister Yunaayitidiif garee biyyaaleessaa Ingilaand har'aa Raashfoord jirenya maatiisa jijjiirurraa darbee namoota birootiif irraa hafaa taheera.

Manni barumsaa itti barate barattoota harka qalleeyyiif nyaata dhiyeessu ture. Kun maatii isaa gargaarsa xiqqoo taheera. Innis gaafa galii guddaa argatu kunoo dabaree isaa ijolleen mana barumsatti akka hin beelofneef kuma dhibbaan akka sooraman gargaaraa jira.

Kilabni Maanchisteris akka inni barumsa baratuuf carraa kennaniifi barnoota ispoortiin dippiloomaa biyyalessaa qaba.

Raashoord yeroo uuriinsaa waggaa 14 tahu qaamni isaa akka malee guddate. To'anno isaan ol dheerataa deeme. Kun qormaata itti tahuus jabaatee jabina qaamaa hojjechuun kubbaaf akka isaaq mijatu godhe.

Akkuma leenjisaan kilabichaa yeroo dheeraa Sir Aleksi Fergusan soorama bahaniin leenjisaa Deivid Mooyes Raashfoord garee lammaffaa ykn guddattootaa keessaa gara garee warra gurguddaati makamuun shaakaluuf carraa kennaniif. Innis carraa kanatti gargaaramuun leenjisicha amansiisuun garee jalqabaatiif akka tapahtu taasifame.

Kontiraata yeroo dheeraas akka mallatteesu taasifame. Yeroo kanaa kaasee jirenyi gadadoofi hiyyummaa isaaq maatiisaarrraa godaanu eegale. Maatiisaatiifis gaaddisa ta'uun jirenya qananii akka jiraatan sababa ta'e.

Carraa garee jalqabaatiif hiriiruu kan kennaniif Deeviif Mooyes kilabichaa waliin turtii yeroo gabaaba keessatti adda bahuun taphatichaaf gaarii hin turre. Teessoo jijjiirraarraa taa'uf dirqame. Kana gidduun Luis Vaan Haal taphattootni jalqaba hiriiran 13 wal faana waan jalaa miidhamaniif Raashfoordiin akka taphataa jijjiiramee seenuutti galmeessifatan.

Tapha jalqabaa Caamsaa 13, bara 2016 tapha FA Cup West Haam waliin taphatan irratti hiriiree taphate. Torban isaatii tapha darbi Maanchister Siittii wlaiin gaggeessan irratti goolii injifanno lakkofsi. Arsenaaliif Evertan irrattis lakkofsisuun bara 2016 goolii saddetii fi kubbaa lama mijeessuu xumure.

Kaleessa jirenya gadadoo ulfaataa keessa kan darbe Maarkes Raashfoord har'a kilabasaafi garee biyyalessaa taphataa murteessaa ta'eera. Amma waggaaatti miindaa hanga paawondii miliyoona 10 ni argata. Maatiisaaf mucaa quxisuu tahuus, jirenyaafi seenaan maatii isaa garuu karaa isaa jijjiirame.

Dargaggeessa umrii waggaa 24 tahe Raashfoordi, abbaa isaa Rooberti Raashfoordiif harmeesaa Meelaanii Maynaadi irraa bara 1997 Kibba magaalaa Maanchisteriit dhalatee guddate.